

# Qajeelcha mirgoota maatii barumsa ddaa keessatti

## Beeksisa oEgumsawwan Adeemsa Barumsa Addaa

Eebla 2017

Ohio Department of Education

## Waa'ee Barumsa Addaa

Barumsa addaa, baratoota umuriin isaaii 3 hanga 21'f, ulaagawwan federaalaa fi kan naannootiin qajeelfamaniiru. Ulaagaawwan federaalaaskan ibsaman akka seera Barumsa Namoota Qaama Miidhamtootaatiinii (IDEA) tti ilaalamu. Ulaagaawwan naannoo akka Sadarkaawwaan Hojii Ohio Barumsa Daa'imman Qaama Miidhamtootaat (Sadarkaawwan Hojii Ohio)tti ibsama.

Qajeelchi kun akkaataa IDEA tii fi Sadarkaawwan Hojii Ohiotti mirgoota keessanii fi mirgoota daa'imman keessanii akka hubachuu dandeessan isin gargaara. Akkasumas waa'ee deeggarsaa fi tajaajilawwan barumsa addaa daa'immman keessanii hubachuuf odeeffannoo fi maddaa isiniif ni kenna.

Aanaan naannoo barumsaa keessaniis mirgoota keessan seera kana jiran akka hubattan isin gargaaru. Odeeffannoo qajeelcha kana keessaa irratti gaaffiiwwan yoo qabaattan, maaloo daareektara barumsa addaa aanaa keessanii qunnamaa.

### Qunnamtii Mana BarumsaaKkeessan Barumsa Addaatiif

Aanaa: *Maaloo kutaa qunnamtii kanatti odeeffannoo arman gadii dabalaa:*

**Daareektara Barumsa Addaa:**

**Lakk. bilbilaa:**

**Teessoo Imeelii:**

### Kutaa Barumsaa Ohio Qunnamtii Barumsa Addaatiif

(Bilbila) 614-466-2650

(Kaffaltii malee) 877-644-6338

(Faaksii) 614-728-1097

25 S. daandii fuulduraa, saanduuqa poostaa 409

Kolombos, Ohio 43215

Exceptionalchildren@education.ohio.gov

Bilbiltoota barreessituu teelee taayippii fayyadamaniif (TTY), maaloo tajaajila ergaa dabarsuutiif (800) 750-0750 irratti gara Ohio bilbilaa.

Odeeffannoo qunnamtii dabalataatiif http://bit.ly/2hgiNa1

## Seensa Qajeelcha Mirgoota Maatii kanaa

Namoonni Seera Barumsa Qama Miidhamtootaa (IDEA) keessa hojjetan mirgoota barattoota qama miidhamtootaafi maatii isaanii eeguu. Qajeelchi kunis waa'ee mirgoota sanaa isinitti hima. Daa'imti keessan tajaajilawwan barumsa addaa kan fudhatu/tte yoo ta'e manni barumsaa keessan gargalcha qajeelchaa waaggatti si'a tokkoo isiniif kennuu qaba. Isinis gargalchaa fudhachuu qabdu:

- Daa'imti keessan miidhamaa qaamaa qabaachuu danda'a jettanii yaaduun daa'imti keessan akka gamaggamamu yoo gaafattan;
- Daa'imti keessan miidhamaa qaamaa qabaachuu danda'a jedhee manni barumsaa keessan yaaduun daa'imti keessan akka gamaggamamu yoo gaafate;
- Komii barreeffamaan yoo (dhiyeessitan) *daa'imman* – addaatiif – waajjira kutaa barumsa Ohio tti yoo ta'ee fi bara barnootaa mana barumsichaatiif isin *komataa jalqabaa* yoo taatan;
- Komii barreeffamaan yoo (dhiyeessitan)– daa'imman addaatiif adeemsa dhagahuutiif Waajjira Kutaa Barumsa Addaa Ohio tti *adeemsichi waa'ee daa'ima keetii dhagahamuuf qaqqabe*yoo ta'ee fi bara barnootaa mana barumsichaatiif komataa jalqabaa, yoo taatan;
- Daa'imti keessan *sababiiwwanballeessaatiin (amalaatiif) mana barumsaatii yoo ari'ame* fi– daa'imti keessan bara barnootaa ammaa kanatti kan guyyoota 10 yookan isaa oliif yoo ari'ame; yookan
- Yeroo kamiittuu ***garaglcha qajeelchaa*** *gaafadhu*.



## Gabatee qabiyyeewwanii

**Odeeffannoo Waliigalaa ........................................................................................ 5**
Waliigaltee Maatii Odeeffatamee
Daa'imti Keessan Barumsa Addaatiif Ulaagaan ni guutaa?
Gamaggamawwan
Barumsaa Walaba ta’ee

**Dursa Beeksisa BarreeffamaaGalmeewwan Barumsaa ........................................ 10**
Argamsa Galmeewwanii

**Walitti bu'iinsa Furuu ................................................................................... 12**
Adeemsa Walitti bu'iinsa FuruuKomii Dursanii FuruuWanta barbaachisu guutuu AraarsuuKomii Naannoo GalmeessuAdeemsa Komii NaannooAdeemsa Komii Galmeessuu
Adeemsa QaqqabeeSa'aatii fi Adeemsa
Adeemsa Furmaataa Gahee
Adeemsa Dhagahuu
Murtii irratti Ol iyyachuu
Yeroo adeemsichi Gaheetti Haala Daa'imaa
Kaffaltiiwwan AbukaatooNaamusa .............................................................................................................. 29
Adeemsa Naamusa Daa'imman Miidhama qaamaaqabanii Kutannoo Agarsiisuu Haala Barumsa
Filannoo Yeroo Ramaddii Daa'imman Qaama Miidhamtootaa tokko tokkoon
Maatiiwwaniinqofaa Mana BarnootaaDhuunfaa keessatti baasii ummataatiin 32
Adeemsa Murteessuu Bakka busuu Kaffaltii
**Beeksisa Maatii SagantaawwanIskoolaarshiippii**
**Barattoota Qaama Miidhamtootaa ........................................................................ 33**
YoomBeeksisni Taasifamue

# Odeeffannoo Waliigalaa

## Waliigaltee Maatii Odeeffame

Waliigaltee maatii odeeffatame jechuun isinii fi/yookan bakka bu'aan maatii aanaan mana barumsichaa tarkaanfii akka fudhatuuf, barreeffamaan, heyyama kennuuf muudame jechuudha. Heeyyama keessan jechuun ammoo aanaan wa'ee gocha yaadamee irratti odeeffannoo isiniif kenneera jechuudha. Aanaan mana barumsa daa'ima keessanii isin irraa, barreeffamaan, heeyyam argachuu qaba wantoota barumsa addaa daa'ima keessaniitiin walqabatan tokko tokko hojjechuuf jechuudha. Aanaan mana barumsaa heeyyama barreeffamaa keessan argachuu qaba:

- Daa'imti keessan barumsa addaa fi tajaajilawwan walqabatan akka barbaaduu beekuuf aanaanosoo daa'ima keessan yeroo jalaqbaatiif gamaggamuu isaatiin duratti;
- Aanaan daa'ima kessaniif barumsa ddaa kennuu jalqabuu isaatiin dura tajaajilawwan sagantaan barumsa isaa yookan ishee jalqabaa keessatti tarreeffaman,
  IEP jedhamanii waamamu;
- Fedhiin daa'ima keessanii jijjiiramuu isaa beekuuf aanaan daa'ima keessan osoo hin gamaggamiinii dura; Aanaan daa'ima keessan waliin qorannoo dabalataa osoo hin gaggeessiin duratti.
  Fakkeenyi Gamaggama Amalaa Hojii; Aanaan ramaddii barumsa daa'ima keessanii osoo hin jijjiiriin duratti.
  Kana jechuun bakka jijjiiruu jechuu miti. Kanarra, jechuun jijjiira sagantaa barumsa daa'ima keessanii; fi
- Aanaan odeeffanoo wa'ee daa'ima keessanii nama biroo kanneen seera naannichaayookan seera federaalaa keessatti hin tarreeffaminii osoo hin himiin duratti.

### Maatii Bakka Bu'aan Maalii?

**Maatii bakka bu'aa jechuu nama daa'ima qaama miidhamaa tokko dhimoota tajaajilawwan barumsaa addaa argachuutiin walqabataniiif gahaa ta'uu akka danada'u kan daa'ima bakka bu'uu jechuudha.**

**Aanaan mana barumsaa bakka isin jiraattanii wayita wantooti armaan gadii keesaa kamiiyyuu yoo muudatan maatii bakka bu'aa ni muuda:**

- **Maatiin addaan baafamuu hin danda'a;**
- **Aanaan mana barumsichaa, tattaaffiiwwan fudhatamaan booddee, maatii argachuu hin danda'u;**
- **Daa'imman dargaggoo qofaa mana hin qabneedha; yookan**
- **Daa'immi kun kan mootummaadha bulfamuudha.**

**Kanneen armaan gadii keessa tokko yoo muudate Waliigaltee Maatii Odeefatame hin barbaachisu:**

- Aanichi odeeffannoo barataa jiru kan keessa deebiin ilaalaa jiru akkuma qaama adeemsa gamaggamaa/irra deebii gamaggamaatti; yookanAanichi gamaggamawwan daa'ima keessani waliin adeemsisu kan barattoota hundaaf kennamuudha.



### Waliigaltee Maatii Odeeffamanii kennuuf, Aanichi:

- Murtee taasisuudhaaf odeeffanoo si barbaaddan hundumaa Afaan isiin dubbattan fayyadamuu isaa, yookan gosa walqunnamtii biroo fayyadamuu isaa mirkaneessu qabaata;
- Aanichi dalagaa dalaguuf hubachuu keetii fi aanichaaf irratti waliigaluu kee mirkaneessi barreeffamaatiin mirkaneessuu keefi, waliigalteen kees dalagicha akkasumas galmeewwan daa'ima keessanii namoota birootiif qoodame akkasumas eenyuuf akka qoodamu kan ibsu ta'uu isaa mirkaneessuu qaba;
- Filannoo keetiin waliigaluu keetii fi yeroo barbaaddetti yaada kee jijjiiruu akka dandeessuu hubachuu kee mirkaneessuu qaba;
- Yoo waliigaltee kee addaan kutte aanichi gocha yeroo heeyyama kee kennituu fi yeroo heeyyama kee addaa kuttu gidduu jiru deebisuu akka hin qabne hubachuu kee mirkaneessauu qaba.

### Waliigaltee Keessaa Bahuu/Dhaabuu

Waliigaltee keessaa bahuu jechuun heeyyama keessan fudhachuuu jechuudha. Yeroo kamiittuu waliigaltee keessan dhaabuu ni dandeessuu daa'imti keessan tajaajila barumsa addaaakkaatuma IEP daa'ima keessaatiinkennamu kanaa booddee hin fudhannee jettanii yoo murteessitan, Isa kana barreeffamaa hojjechuu qabdu. Sana booddee, Aaanaan mana barumsa keessanii:Tajaajilawwan barumsa addaa IEP keessaa daa'ima keessanii kennuu dhaabuu qaba, garuu tajaajilawwan kennuu dhaabuu isaatiin duratti aanichi beeksisa barreeffamaa tajaajilawwan dhaabbachaa jiraachuu ibsu isiniif kennu qabaata. Beeksiisni aanichi isiiniif kennuus beeksiisa barreeffamaa kan dursaa jedhama. Beeksisni barreeffamaa dursaa kunis ulaagaawwan Kutaa Beeksisa Barreeffamaa Dursaa keessatti kaa'amankan fuula 9 kan qajeelcha kanaa hunda guutuu qaba. Aanaan tokkicha beeksisa barreeffamaa durasaa kana booddee tajaajiliawwan barumsa addaa daa'ima keessaniif akka hin kennamne ibsu erga isiniif kenne booda fi tajaajilawwan yoo dhaabbtan, aanichi isa booda daa'imti keessan akka tajaajila barumsaa addaatiif ulaagaa guututti kan hin fudhtu fi kana irra daa'imti keessan akka barataa barumsa waliigalatti ialaala.



## Daa'imti Keessan Barumsa Addaatiif Gahaadha?

Ulaagaa guutuu jechuun salphaadhumatti daa'imti kee akka miidhamawwan qaamaa

tokko yookan isaaoliitiin tajaajilawwan barumsaa muraasa argachuu barbaachisu barameera jechuudha. Namoonni Barumsa Qaama Miidhamtootaa (IDEA) irratti hojjetanbarattoonni qaama miidhamtootaa barumsa addaa fi/yookan tajaajilawwan walqabatoo akka argatan barbaadu. eSeera kana jalatti akka baratаа qaama midhataatti fudhatamuuf, daa'imti kee sababa qaama miidhamaa ta'uu isaa yookan isheetiif barumsa addaa fi/yookan tajaajilawwan walqabatoo kan barbachisuu yoo qaama miidhamtummaa armaan gadii keessaa miidhama qaama tokko yookan sanaa ol yoo qabaateedha:

- Miidhama Sammuu;
- Rakkina Dhaggeettii dhabuu;
- Dubbachuu dadhabuu yookan giinga'uu;
- Agartuu dhabuu;
- Miiraan jeeqamuu;
- Miidhama Lafee;
- Otizimii (rakkina guddina sammuufi qaamaa);
- Miidhama sammuu cimaa;
- Miidhama fayyaa biroo;
- Rakkoo barachuu dadhabuu addaa;
- Gurraa duuduu;
- Gurraa duuduu-Agartuu dhabuu;
- Miidhamawwan qaama hedduu; yookan
- Guddina duubatti harkifataa/quucarummaa

### Afaan ittiin Dubbattu yooka Toftaa Walqunnamtii Biroo

**Walga'iiwwan ati irratti hirmaattee, gamaggamni daa'ima keetii fi beeksisawwan fudhatu hundi afaan keetiin barreeffamuu yookan dubbatamuu yookan toftaa walqunnamtii ati fayyadamtu kan birootiin ta'uu qaba.**

**Qormaatawwanii fi meeshaaleen biroo daa'ima keessan gamaggamuuf itti gargaaraman hundi afaan daa'imti keessan dubbatuun yookan bifa walqunnamtii birootiin ta'uu qabu. Yoo wanta daa'imti keessan beektuu fi barumsa, guddinaan, akkasumas hojiin hojjechu dandeessu sirriin beekuuf aanichaa waan gargaaruuf, yoo ifatti qabatamaa ta'u dhabudhiyeessuu fi bulchuuf wanta hin danda'amne yoo hin taaneen ala jechuudha.**

### Aanichi daa'ima keessan akka madaaluuf gaafadhaa

Daa'imti keessan qaama miidhamtummaa barumsa isaa yookan ishee miidhu ni qabata jettanii yoo yaaddan barumsa addaatiif gahaa ta'uu isaa yookan ishee akka mirkaneessuuf aanichi daa'ima keessan akka madaaluu gaafachuu ni dandeessu (Daa'ima qaama miidhamaa IDEA keessaa hubannoo keessa galchuun). Daa'imti keessan akka gamaggamu yoo barbaade, aanaan mana barumsaas yeroo kamiittuu isiin gaafachuu ni danda'a. Kunis hojjetaan aanichaa daa'imti keessan barumsa addaa ni barbaachisa jedhee yoo yaadedha. Haala kamiiniyyuu aanaa mana barumsaa heeyyama keessan erga argatee booddee (waliigaltee) barreeffamaa,gamaggama (tokkooffaa) guyyoota karooraa 60 keessatti xumuruu qaba.

### Daa'ima kan Mootummaadha Bulfamu ta'e.

Yoodaa'imni ***kan bulchu mootummaadha ta'e*** fi maatii isaa yookin ishee waliin hinjiraannee, daa'imtii haalawwan miidhama qaanaa itti aanan akka qabddu murteessuuf qorannoo jalqabaa gaggeessuuf aanichi unkaa waliigaltee maatii hinbarbaadu:

- Yoo,kana raawwachuuf yaaliiwwan fudhatamaa taasisu illeen, Aaanaan mana barumsa maatii daa'imaa argachuu hindandeenye;
- Mirgoonni Maatii addaan citeera; yookan
- Mirgoonni maatii namoota gamaggama jalqabaa irratti waliigalaniif abbaa seeraatiin ni ramadama.

## Gamaggama barumsaa Walabaa (IEE)

Gamaggamaan barumsaa Walabaa (IEE)n gamaggama alaa jedhamees ni waamama. Aanaan mana barumsaa kaffaltii gamaggama alaa kanaaf kan kaffalu yoo inni daa'ima keessan dursee gamaggamee isin wanta aanichi argate irratti walii galuu baattan qofadha. Kaayyoon isaas daa'imti keessan barumsa addaa yoo barbaachise yookan barumsi addaa barbaachisuun kan itti fufuu ta'u adda baasuufiidha. Namni gamaggama alaa kanaatiif daa'ima keessan gamggame, aanaa mana barumsa daa'imaa keessaniitiif hojjechuu hin danda'u. Isin, akka maatii mirga seeraa qabuutti, yeroo kamiittuu qindeeffattanii gamaggama alaatiif daa'ima keessaniif kaffaluu ni dandeessu. Gamaggama aanaan daa'ima kee akka irratti walii hingallee tokkicha diddee taanaan, aanichi barfannaa tokkoo malee tarkaanfiiwwan kanneen keessa tokko fudhachuu qaba :

- Anaan mana barumsichaa daa'ima keetii gamggama alaa eessatti akka argattu fi kaffaltii isaa rawwachauufis ulaalaagaa barbaachisu sitti himuu qaba . Aanaan tokkicha irrati waliigalee atis gamggama alaa yoo argatte, aanichi baasicha kaffaluu qaba; yookan
- Aanichi gaafficha Waajjira Kutaa Barumsa Ohio tti Daa'iimman Addaatiif adeemsa dhagahuutiif gaaffii gaheetti dhiyeesuu qaba (fuula 21 ilaalaa) sababiin isaas gaaffii kee kan gamaggama alaa irratti walii hin galu. Kun kan ta'e ta'u mala aanichi gamaggamni daa'ima kee irratti taasise sirriidha jedheekan yaadu.

### Ulaagaa Gamaggama Alaa

Ulaagaa walfakkaataa gamaggama aanichaa irratti rawwatamutu gamaggama alaa maatiin qindeeffamu fi aanaan ikanfaluuf hojiirra ola. Gamaggamani kun daa'imti keessan gamaggamichaan eessa akka deemtu fi muuxannoo nama daa'ima keessan gamaggamuu of keessaa qaba. Aanichi kaffaltii guutuu gamaggamaa laa kan ulaagaa aanichaa guutan hunda kaffaluu qaba.

Daa'ima keessaniif gamggamaa alaa yoo gaafattan, aanichi ***maaliif*** gamaggamaa aanichi daa'ima keessan irratti godhu waliin hin galin isiin gaafachuu ni danda'a  (sunis ,sababa isin ittiin daa'ima kessaniif gamaggama alaa barbaaddaniidha), garuu ibsuu yoo barbaaddan malee kan gochuuf diqrama hin qabdan. Gamaggamaa alaa aanichi kaffaluuf si'a tokko qofa gochuuf mirga qabda, kunis yeroo tokkoon tokkoon aanichi daa'ima keessan gamaggamuu fi isin immoo bu'aawwan gamaggama aanichi irratti walii hin galleen jechuudha.

Daa'imti keessan tokkicha gamaggamaa alaa ulaagaa aanichaa guutuu yoo argate, qaama kamyyuu kaffalasosoo hin ilaali, aanichibu'aawwan qorannoo sanaa hubannoo keessa galchuun akkamitti daa'ima keessan barumsa ummataa bilisaa siriitii (FAPE) dhiyeessuu irratti murteessuu
qaba

**Kaatoowwan armaan gadii wantoota yeroo ati gamaggama alaa gaafattu uumaman kan Agarsiisaniidha**



## Beeksisa Barreeffamaa Dursaa

### Ibsa Gabaabaa

Aanaan mana barumsichaa tarkaanfii tokko tokko fudhachuu yookan fudhachuuf adeemsa jalqabuu isaatiin duratti, beeksisa barreeffamaa (beeksisa barreeffamaa dursaa jedhamuy) yeroo gahaa kessatti isiniif kennuu qaba. Tarkaafiiwwan kunneenis aanichi iddoo barumsaa, ittin beekama fi gamaggama ykn ramaddii daa'ima keessanii jijjiiruu yookan jijjiiruuf yookan daa'ima kessanii barumsa bilisaa sirrii ta'e kan ummataa kennuuf yaaduu of keessatti kan qabatudha. Beeksisni barreeffamaa dursee kennamu unka barumsaa addaa barbaachisa.

### Qabiyyeewwan Beeksisa Barreeffamaa Dursaa

Isin karaa odeeffatameen murtiiwwan tajaajilawwan daa'ima keessanii irratti hirmaachuu akka dandeessisaaniif beeksisni barreeffamaa dursaa kun haalaan kan ibsame ta'uu qaba. Keessattuu beeksisni barreeffama dursaa qabiyyeewwan akka saanduuqa fuulaa kanaa irratti ibsamanii of keessaa qabaachuu qaba.

### Beeksisa Barreeffamaa Dursaa Afaan Namaa Galuu Danda'uun

Beeksisni barreffamaa dursaa afaan akka waliigalaatti ummataaf galuun dhiyaachuu fi Afaan ittin dubbattu kan barraa'ee yookaa toftaa walqunnamtii biroo dhiyaachu qabaata, yoo akkas gochuu ifatti kan hin danada'mne yoo hin taaneen alatti.

Afaan maatiin ittin dubbatan yookaa toftaa walqunnamtii biroo ***afaan*** barreffamaa yoo ta'uu baate, aanichi beeksisa barreeffamaa dursaa afaaniin hiiksisuu qaba yookan karaa biroo ittiin hubatamuu danda'uun Afaan ittiin dubbataniin yooka toftaa walqunnamtii birootiin dhiyeessuu qaba . Anichi beeksisni barreeffamaa dursaa sirritti hiikamuu isaa fi maatiinis qabeeyyee isaa hubachusaanii mirkaneessuuf barreeffamaan agarsiisuunmirkaneessuu qaba.

**Beeksisni Barreeffamaa Dursaa kan of kessaa qabaachuu qabu:**

- **Ibsa gocha aanaadhaan yaadamee yookan didamee;**
- **Ibsa maalii aanaan tarkaafii fudhachuuf akka yaaduu yookan diduu;**
- **Ibsi tokkoon tokkoon adeemsa gamaggamaa, galmee gamaggamaa yookan gabaasa mana barumsaa murtii mataa ofiisaa taasisee;**
- **Ibsa maatiin adeemsa eegumsaa IDEA's jalatti eegumsa qabanii yookan beeksisni gamaggamaaf ergaa jalqabaa yoo hin taane gamaggamni,haala warrii ibsa eegumsaa adeemsaa itti argataniidha;**
- **Maddoota warrootaa ulaagaawwan IDEA hubachuun gargaarsaaf qunnamuu;**
- **Ibsa filannoowwan garee IEP hubannoo keessa galfamuu fi sababawwan filannoowwan sun dhorkamanii;**

Ibsa rakkoolee fudhannaa yookan diduu aanichaatiif barbaachisaa ta'an.



# Galmeewwan Barumsaa

## Argamsa Galmeewwanii

Seerri Mirgootaa Baruumsa fi dhuunfummaa Maatii (FERPA) seera federaalaa kan warroonni galmeewwan barumsa daa'imman isaan akka sakatta'anii fi keessa deebiin ilaalan mirgoota tokko tokko kan kennuudha. Mirgoonni i FERPA jala jiranis yeroo daa'imman waggaa 18 guutanitti yookin barumsa sadarkaa lammaaffaa kamiiyyuu yoo baratanwarroota irraa gara barattootaatti darba (fakkeenyaaf koolleejii yookan yuunivarsiitii),

### kan dursajalqabuudha .Galmeewwan Barumsaa Maalii?

1. Odeeffannoon waa'ee barataa tokko tokko Seera FERPA tiin eegamuun isaanii wantichi hiikaa galmee barumsaa guutuu fi dhiisuu isaa irratti hundaa'adha.FERPA galmeewwan barumsaa akkanatti hiikuu:Galmeewwan barataa tokko qofaan kalattiin walqabtan. Yeroo tokko tokko manneen barnootaa isa kanaan odeeffannoo dhuunfaa adda bahu jedhanii waamu;akkasumas
2. Galmeewwan eejansii barumsaatiin yookan dhaabbataan qabaman (fakkeenyaaf, aanaa mana barumsaa keessan) yookan qaama eejansichaaf hojjetuun.

### Eeguumsa fi iccitummaan qabamuu galmeewwanii

Galmeewwan barumsaa karaa hedduun eegamuu ni danda'u. Fakkeenyawwan muraasni:

- Barreeffama harkaa; Maxxansaa;
- Kompiwuutara;
- Teeppii viidiyoo yookan oodiyoo; yookan

Fiilmii,Maayikiroofiilmii yookan maayikiroofichee.Galmeewwan barattootaa iccitiin qabamu jechuunis akka dhimma dhuunfaatti ***qabamu***. Yeroo sassaabama, kuufaman, gadi lakkifamanii fi dhabamsiifamanitti galmeewwan daa'imaa aanichi mana barumsaa dhuunfummaa isaanii eeguu qaba.

### Galmeewwan Daa'ima Keessanii Ilaaluu

Aanichi mana barumsaa duubatti harkisuu tokko malee akkasumas walga'ii IEP kamiiyyuu durattiyookan adeemsi isin keessatti hirmaattan kamiiyyuu osoo hin eegalamiin duratti galmeewwan daa'ima keessanii akka ilaaltan isiniif heeyyamuu qabu. Aanichi guyyaa galmeewwan akka illaaltan isiniif heeyyame irraa eegalee guyyoota 45 ol isin eeguu hin danda'u.

Odeeffannoo galmee keessaa, kan daa'ima keetii qofa ilaaluuf ***mirga*** qabda. Waa'ee galmeewwan daa'ima keetii ibsa mana barumsaa gaafachuuf mirga qabda. Nama bakka kee bu'ee galmeewwan qoratu (kan akka hiriyaa yooakn ogeessa seeraa)qabaachuuf mirga qabda.

Aanichi garaglchaa galmeewwan daa'ima keessanii isiniif dhiyeessuu ni danda'a; haata'u malee aanichi ***garagalchawwan*** isiniif kennuu qaba. Akkas gochuu yoo baate mirga galmeewwan ilaaliuu keessan itti akka hin fayyadamne isin dhorkeera jechuudha. Yeroo maraa baasii keetiin garagalcha galmewwanii fudhachuuf mirga qabda

**Odeeffanoon dhuunfaan adda baafamu kan of keessatti qabatu:**

- Maqaa daa'ima keessanii;
- Maqaa miseensota maatii;
- Teessoo da'ima keessanii yookan teessoo maatii; Adda baasa dhuunfaa kan akka lakk. wabii hawwaasummaa, lakk. barataa yookan galmee baayoomeetirikii daa'ima keessanii; Karaalee al-kallattii biroo daa'ima kessan adda ittiin baasanadda baasan'kan akka guyyaa dhalootaa, bakka dhalootaa, maqaa haadhaa kan heeruma duraa, sanyii yookanqomoo; Odeeffannoo biroo kan qofaa yookan walitti qindeessuun kan akka walitti hidhuu nama barataan hawaasa mana barumsaa waliin hidhata qabu, kan beekumsa dhuunfaa barbaachisuu hin beekne, kan barataa wanta murteessaa sababawwadhaan adda baasuu hin beeknetti hidhachuun; Odeeffannoo nama manni barumsaa eenyummaa daa'ima keetii ni beeka jedhee itti amanuun gafatmu;yookanFakkeenyawwan biroo akkatuma FERPA tiin ibsameen.



### Jijjiiramawwan GalmeewwanBbarumsaa

Odeeffannoo sobaa yookan sirrii hintaane kan galmeewwan barumsaa da'ima keessanii gaafachuuf mirga qabdu. Manni barumsaa daa'ima keessanii akkaataa gaaffii keessaniitiin (sababa isin gaafattan qofaaf)Jijjiiramawwan Galmeewwan barumsaa gochuu hin qabu garuu manni barumsichaa gaaffii keessan ***hubannoo keessa galchuu*** qaba. Manni barumsaa akka ati gaafatteetti galmee daa'ima keetii akka hin jijjiirre kan murteesse yoo ta'e, waa'ee dhimmichaa dubbachuuf mirga akka qabdu manni barumsaa sitti himuu qaba.

Adeemsa dhagahaatiin booddee ,manni barumsichaa galmeewwan barumsaa akka hin jijjiirre yoo murteesse, rakkoo galmee daa'ima keessanii keessa jiruuf ibsa keessan itti galchuu ni dandeessu. Ibsi kunis qaama galmee daa'ima keessanii ta'ee hafuu qaba. Galmee daa'ima keetii irratti ibsa barreessuuffilannoon jiraatu ***galmeewwan odeeffanno sobaa yoo qabaatan qofadha.*** qabxii daa'imti keessan argate, yaada nama dhuunfaa yookan murtii mirkanaa'aa wa'ee daa'ima keetiif mana barumsichaatiin godhamefalmuuf ibsa akkasii barreessuu hin dandeessan .

### Galmeewwan Barumsaa Qooduu

Yeroo maraa aanichi mana barumsaa galmeewwan barumsaa qooduuf heeyyama barreeffamaa isinn irraa argachuu qaba. Kunis isin malee daa'ima keessan nama biroo irraa adda baasuufidha. Haata'u malee haalonni muraasni heeyyamni keessan itti hin barbaachisne ni jiru. Yeroo akkamiitti aanichi galmee daa'imaa keessanii qooduuf heeyyama barreeffamaa keessan hin barbaachisne kan jedhu ***beekuuf*** qajeelfama waliigalaa warrootaa Seera mirgootaa fi dhuunfummaa barumsa maatii FERPA kan U.S ilaalaa. Weebsaayitii kutaa barumsaa www.ed.gov irratti.



# Walitti Bu'iinsa Furuu

## Adeemsa Walitti Bu'iinsa Furuu

Waa'ee barumsaa daa'ima keessanii kan qaama miidhamaa yoo yaaddan tarkaanfiin tokkooffaan aanaa mana barumsichaa waliin hojjechuudha.
Jalqabuuf barsiisaa daa'ima keessanii yookan daayireektara barumsa addaaqunnamaa f. Wanat yaadaa jirtu nama sanatti himi.
Atii fi aanichi waa'ee yaada keetii irratti yoo waliigaluu baattan rakkoo sana furuuf karaaleen waliin hojjechuu dandeessan ni jiru.

Adeemsawwan kunneen maqaalee sirrii aanichi mana barumsaa keessan fayyadamuu danda'u ni qabu, qajeelfamni kun garuu maqaaleen sun maal jechuu akka ta'anii fi atii fi manni barumsichaa daa'ima keessan attamitti akka gargaartanakka hubattan isin gargaara. Kutaaleen armaan gadii adeemsawwan kanneen ibsu yookan tooftaa aanaa keessan waliin hojjechuuf itti fayyadamuu qabdan ibsu.

### XinxalaBulchiuinsaa

Barumsa daa'ima qaama miidhamaa keetiin walqabatee murtii aanichi mana barumsaa murteesseen waliin hin galle yoo taate bulchiinsa aanichaatiif
komii dhiyeeffachuu ni dandeessa. Deebiidhaan itti gaafatamaa ol'aanaan aanaa keessanii (bakka bu'aan) Keessa deebii bulchiinsaa ni adeemsisa. Xinxalli kun dhagahaa bulchiinsaa of keessa qabaachuu danda'a.

Xinxallii fi bulchiuinsi dhagahaa tokk yoo adeemsifamu yeroo tokko walumaan iddoo tokkootti adeemsifamu. kunis hojiilee hirmaattootta barbaadan hundaafa hundaaf jechuudha. Atii fi aanichi namoonni xinxalaa fi dhagahaa bulchiuinsaa akka hirmaatan affeeruu ni dandeessu. Fakkenyaaf
miseensa maatii biroo yookan hirriyaa nama biroo waa'ee barumsa addaa beekumsa qabu yookan ogeessa seeraa affeeruu ni dandeessu. Daa'imti keessan sagantaa boordii misooma qaama miidhamtoota biyyaatiin yooka eejansii barnoota ummataa birootiin kan barate yoo ta'e aanichi keessa deebii bulchiuinsaatiif boordii yookan eejansiicha waliin dubbachuu qaba .

Haalicha xinxaluun ilaaluun waldhabbii waa'ee barumsa daa'ima keessanii furuuf tattaffiin kamiiyyuu godhamuu qaba. To'ataa ol'aanaan (yookan bakka bu'aan) gama waldhabii lamaanuu dhagahuun murtii ni kenna. Murtiin yoo murteeffame
to'ataa ol'aanaan murticha barreeffamaa isinitti ibsuu qaba. Kunis yeroo jalqaba aanichi waa'ee dhimma keessanii isiniti beeksisee eegalee guyyoota 20 keessati ta'uu qaba.

### Adeemsa Dabalataa Isin Yaaluu

DandeessanAdeemsa kana xumurtanii isiinii fi aanaan mana barumsa keessanii waa'ee rakkiicha furuu irratti yoo walii hin galle ta'e: adeemsi biroo isin yaaluu dandeessan ni jira. Adeemsa waldhabbii furuu birootti adeemuu keessaniin duratti xinxalabulchiuinsaa gaafachuu isin barbaachisuu baatu illee ni jajjabeeffama. Filannoowwan dabalataa rakkoo kana furuu isin itti fayyadamuu dandeessan ni jiru. Waajjirri Kutaa barumsa daa'imman addaabarumsa Ohio rakkoolee keessan akka furtaniif keessa galuun gaaffii meeshaa dabalataa keessaniif isin gargaaruu ni danda'a. Qaamoleen armaan gadiis isin gargaaruu ni danda'u:

- Garee Deeggarsa Kutaa Biyyaa Naannoo keetii (Naannoo #______________) tti (bibila # ______________________________). Dhaabbanni gorsa warraa fi maatii Garee Deeggarsa Kutaa Biyyaa isin waliin hojjechuu ni danda'a.
- Gorsaa warraa naannoo aanaan manni brumsaa keessanii, isa yoo qabaate.
    - Gorsaan warraa odeeffannoo ni dhiyeessa akkasumas maatiiwwan daa'ima qaama miidhamaa fi aanolee mana barumsaa ni deeggara. Gorsaan warraa hojjetaa aanaa yoo ta'u, warraa daa'ima qaama miidhamaa ni gargaara.
    - Odeeffannoo dabalataatiif kanaan qunnamaa _______________________________________________________.
- Walta'iinsa Ohio Barumsa Daa'ima Qaama Miidhamaatiif (OCECD)
    - OCECDn dhaabbata gutuu biyyaa bu'aaf hin hundoofneefi maatiiwwan daa'immanii, dhalttoota xixiqqoo fi ijoollee akkaasumas dargaggoota qaama miidhamtoota Ohio kessatti tajaajiluu fi barsiistotaa fi eejansiiwwan isaaniif tajaajilawwan dhiyeessan gargaarudha Sagantaawwan OCECD's maatiiwwan bakkeewwan barnootaa daa'imman isaanii hundatti akka beekanii fi
 bakka isaanii bu'iin gaarii akka kennaniif warroota ni gargaara.
    - Odeeffannoo dabalataatiif OCECD kanaan (740) 382-5452 qunnamaa yookan weebsaayitii OCECD : www.ocecd.org. ilaalaa

## Dursanii Komii Furuu

Dursanii furmaataaf komii dhiyeessuun garaagarummaa aanichi waliin qabdan furuuf kan raawwatamu yoo ta'u, kunis filannoowwan furmaataa biroo yaaluu jalqabuu keessaniin duratti. Namni dhaabbata waajjira kutaa barumsa daa'ima qaama miidhamaa Ohioirra dhufee gaaffilee fi rakkoolee waa'ee barumsa daa'ima keessanii furuuf akka dandeessanii isin gargaaruuf isin waliin hojjeta.

Kutaan Barumsa Ohio adeemsa biroo osoo hingaafatiin dura dursanii rakkoo furuuf yaaluu ni jajjabeessa.Kunis kan akka komii barreeffamaa yookan adeemsa dhagahuu fa'aan jechuudha. Nama Waajjira Kutaa Barumsa Daa'ima Addaa Ohioirra akka gaaffilee keessan deebiisuu fi rakkoolee waa'ee barumsa daa'ima keessaniif furuuf n isin gargaaruufnama achi hojjetu qunnamuu ni dandeesu. Waa'ee dursanii komii furuu ilaalchisuun nama tokkootti dubbadhuuf maaloo Kutaa hojichaa qunnami:

- Bilbla kanaan: (614) 466-2650, yookan kaffaltii irraa bilisa kan ta'e kanaa (877) 644-6338;yookan
- Imeeliidhaan: exceptionalchildren@education.ohio.gov.

## Mijaa'ina

Gamaggama yookan irra deebii gamaggama daa'ima keetii barumsaa adaatiif godhamu yokkan waa'ee sagantaa barumsa dhuunfaa daa'ima keetii ilaalchisee yoo yaaddofte (IEP), filannoo mijeessuu jedhu siif hojjechuuni danda'a.

Mijeessuu jechuun Kutaan hojii mijeessaan walga'ii gamaggama daa'ima keetii tyookan garee IEP (atis miseensa gareetti)akka hirmaatu yoo gaafatteedha. Aanaan mana barumsaas kutaa hojii nama mijeessaa gaafachuu ni danda'a, kunis walga'iiwwan kanneen keessaa isa tokkoo kan waa'ee barumsa addaa daa'ima keetii irratti akka hirmaatuufiidha. Atii fi aanichi mijeessan walga'icha irratti akka argamu waliigaluu qabdu.

### Kaayyoo Mijeessuu

Mijeessuun walga'ii garee kan akka walga'ii garee sagantaa barumsa dhuunfaa, walga'ii karoora gamaggamaa yookan walga'ii garee gamaggamaakeessatti adeemsiifama. Mijeessaan qaama sadaffaa giddu gala ta'ee fi miseensa garee hin taane akkasumas garichaaf murtiiwwan hin dabarsineedha. Mijeessan gareen akka bu'aa qabeessa ta'uu kan godhuu fi barataa irratti kan xiyyeeffatee hoijjetuudha. Mijeessitoota jechuun gidduu lixxoota adseemsawwan barumsaa addaa irratti waajjira daa'imman addaatiin leenji'aniidha.

Yeroo kamiiyyuu mijeessaa gaafachuu ni dandeessa. Yeroo tokko yoo goote atii fi aanaan mana barumsa hirmaachuu irratti waliigaluu qabduu. Isin lamaanuu yoo waliigaltan waajjirri daa'ima addaa filannoowwan mijeessaa gara walga'iichaatti ergitanii isiniif ni kenna. Atii fi aanichi mijeessaa irratti yoo walii hin galle waajjirichi tokko isiniif ni ramada. Mijeessaaf baasiin isin yookan aanicha irraa eegamu hin jiraatu.

### Mijeessaa:

- Qaama sadaffaa gidduu galaa ta'a (gama tokko hin qabatu yookan siif hin hojjetu yookan aanichaaf hin hojjetu);
- Gidduu lixaa ogummaan ***leenji'eedha*** nama (ulaagaa guute kan walitti bu'iinsawwan furuu gargaarudha);
- Kan leenji'ee fi waa'ee seeroota barumsaa addaa kan beekuudha akkasumas ulaagaawwan isaa kan hubatuudha;
- Qaama IEP daa'ima keetii yookangaree gamaggama miti;
- Murtiiwwan hin goodhu garuu garichi furmaata akka argatuuf ni gaggeessa;
- aSi'ii fi aanicha gidduutti haasaan akka eegalamuufisin gargaara;
- Walga'ichia itti fufuun tokkoon tokkoon namaa oadeemsicha akka kabaju ni taasisa; akkasumas
- Gareen daa'ima keessanii fi barbaachawwan daa'ima keessanii irratti xiyyeeffannoo akka godhuu ni taasisa.



### Qabxiilee Furtuu Waa'ee Mijaa'inaatiif yaadu Qabnu:

- **Mijaa'inni tola ooltummaadhaan.**
  - Atii fi aanaan mana barumsaa qaama adeemsichaa ta'uu irratti waliigaluu qabdu. Warri fi aanichi walga'ii irratti mijeessaan akka jiraattu yoo waliigalan jechuunwalga'ii irratti aanicha waliin waliigalte taasisuu qabdu jechuu miti yookan akkaataa walga'ichi itti xumuramu irratti waliigalte jechuu miti. Warroonni yeroo maraa yaada mataa isaanii akka qabaatan ni heeyyamamaaf.
- **Waliigalteen yeroo walga'ii mijaa'ina taasifame kamiiyyuu akka waliigalaatti seera qabeessaatti fudhatama. Kana jechuun atii fi aanaan mana barumsaa erga waliin murtii taasisaniin booddee waliigalticha hordofuu qabu jechuudha.**
  - Sanada waa'ee gamaggama daa'ima keessaniif atii fi aanaan mallatteessu kamiiyyuu yookan IEP akka sanadoota isaan IEP biroo kamiiyyuu irratti mallatteessaniitti fudhatamu yookankan walga'ii garee gamaggamaa kamiiyyuu.

Wa'ee mijaa'ina odeeffannoo dabalataa yoo barbaaddan weebsaayitii Kutaa Barumsa Ohio kana: education.ohio.govilaalaa akkasumas ***mijaa'ina barbaadaa.***

#### Mijaa'ina gaafachuuf

Daayireektara barumsa addaa aanaa mana barumsaa keessan qunnamaa: aanaan adeemsa kana keessatti hirmaachuuf heeyyamamaa ta'uu isaa mirkaneessuuf ___________________________ kana___________________________ ___ irratti. Qaamonni lamaanuu mijaa'ina keessatti hirmaachuuf yoo waliigalan Waajjira Kutaa Barumsaa Ohio Daa'imman Adddaa qunnamaa:

- Bilbla kanaan: (614) 466-2650, yookan kaffaltii irraa bilisa kan ta'e kanaa (877) 644-6338; yookan
- Imeeliidhaan: exceptionalchildren@education.ohio.gov.

## Gidduu galummaa

Mijaa'in jechuun warroonnii fi aanaan mana barumsaa qaama sadaffaa giddu lixaa ogummaa qabu gara walga'ii dhufee waa'ee dhimma barumsa daa'ima qaama miidhamaa yookan barataa qaama miidhamtummaa ni qaba jedhamee shakkamuutiif akka irratti waliigalan isaan gargaaruudha. Qaama sadaffaa jechuun namni ***kun gidduu lixaas*** jedhamee kan waamamuun fi cinaa tokkoo kan hin gorree fi bakka isaanii bu'aa warraaf yookan aanichaaf kan hin hojjenneedha. Waa'ee barumsa addaa daa'ima keessanii ilaalchisee wadhabbiin yeroo uumamu kamiiyyuu warrootaa fi aanoleef Mijaa'inni filannoo tokkodha.



### Mijaa'inni Bilisaa fi Yeroo Kamiyyuu Gaaffatamuu ni dana'a

Mijaa'inni Yeroo Kamiiyyuu Gaafatamuu ni danda'a. Mijaa'inni yoo barbachise atii fi aanaan mana barumsa qaama adeemsichaa ta'uu irratti waliigaluu qabau. Isin lamaanuu hirmaachuuf yoo waliigaltan Waajjirri Daa'ima Addaa filannoowwan mijeessaa gara walga'iichaatti ergitanii isiniif ni kenna. Atii fi aanichi mijeessaa irratti waliigaluu yoo dadhabdan the Waajjirri Daa'ima Addaa (OEC) tokko isiniif ni ramada. Mijeessaan dhimma barumsa addaa daa'ima keessanii keessa galuu rakkoo jiru akkamitti akka furuu qabdan isin lamaanittuu himuu hin danda'u. Mijeessaan garuu rakkoo dhimma daa'ima keessanii irratti mari'attanii furmaata akka argattan gama lamaaniinuu isin gargaara.

Komii seeraa gochuu yoo barbaadde yookan adeemsa dhagahaa gaafachuu yoo barbaadde (fuual 17-25 ilaali)Kutaan Karumsa Addaa Ohioakka sadarkaa tokkooffatti waa'ee giddu galummaa akka yaaddau si gaafata. n Baasiin isin yookan aanicha irraa mijeessaaf akka kanfaltan eegamu hin jiraatu.

**Ibsa gabaabaaAdeemsa gidduu galummaa**

| Gidduu Galummaa Gaafachuu | Gidduu lixaa filachuu fi sagantaa walgahii baasuu'l | Walga'ii Gidduu galummaa | Waliigaltee Milkaa'e | Waliigaltee Hin Milkaa'in |
|---|---|---|---|---|
| Ati yookan aanaan mana barumsa yeroo kamiittuu Kutaa Barumsa Ohio gidduu galummaaf gaafachuu ni danda'a. Komii yoo dhiyeeffatte yookan adeemsa dhagahaa yoo barbaadde Kutaan hojichaa akka tarkaanfii tokkooffatti gidduu galummaa siif dhiyeessa. Gidduu galumsatti fayyadamuuf atii fi aanichi waliigaluu qabdu. | Gidduu galaan qama sadaffaa adda ta'eedha. Atii fi aanaan mana barumsagidduu galaa irratti waliigaluu qabdu. Hanga danda'ameetti gidduu galaan sagantaa walga'ii ni baasa. Kutaan hojichaa gidduu galaadhaaf ni kaffala. | Atii fi aanaan mana barumsa dhimmoota yaachisoo keessan waliif niqooddu. Gidduu galaan walitti bu'iinsa keessan furtanii gara waliigaltee dhumaa irra barreeffamaan akka geessaniif isin gargaara. Walumaagalatti, wanti yeroo gidduu galummaa jedhame kamuu walga'iin alatti hin qoodamu yookan adeemsawwan seeraa gara fuulduraa keessattis itti ydamamu,iyyatawwan addaa yoo ta'an malee. | Waliigalteen barreeffamaa seera qabeessaa fi maatii fi aanaan mana barumsa lachuu kan mallatteessaniidha. Seera qabeessa jechuun warrii fi aanaan mana barumsaa waliigalticha hordofuu qabu jechuudha. Akkasumas manni murtii raawachiisuu ni danda'a. | Waa'ee gidduu galummaa irratti yoo walii hin galamenii fi atis komii dhiyeeffattee ta'e,Wajjirri Daa'ima Addaa komii ni fura. Waa'ee gidduu galummaa irratti yoo walii hin galamenii fi atis adeemsa dhagahaa yoo galfatte guyyaanadseemsi dhagahaa itti aanee ni dhufa. |



### Gidduu Galaa:

- Qaama sadaffaa gidduu galaa ta'ee hafuu (gama tokko hin qabatu yookan siif hin hojjetu yookan aanichaaf hin hojjetu);
- Murtiiwwab kennuuf hin heeyyamamuuf. Kana irra, atii fi aanaan mana barumsa dhimma barumsa daa'ima keessanii ilaalatu irratti rakkoo akka furtan isin gargaara;
- Waliigaltee gidduu galummaa barreeffamaa irratti murteessuf si fi aanaan mana barumsa waliin ni hojjeta;
- Walga'ichi itti fufuun tokkoon tokkoon namaa adeemsicha akka kabaju ni taasisa;
- Tokkoon tokkoon namaa barataa fi feedhiiwwan barataa irratti iffi fufiinsaan xiyyeeffannoo gochuu eega;
- Haasaan si'fi aanicha gidduu akka banuuf ni gargaara;

### Qabxiilee Furtuu Waa'ee Mijaa'inaa Yaadatamu qabaatan:

- **Gidduu galummaan Tola Ooltumaadhan**
  - Atii fi aanaan mana barumsaa qaama adeemsichaa ta'uu irratti waliigaluu qabdu. Warri fi aanichi walga'ii irratti mijeessaan akka jiraatu yoo waliigalan walga'ii irratti aanicha waliin waliigaluu qabda jechuu miti yookan akkaataa walga'ichi itti itti xumuramu irratti waliigalu qabda jechuu miti.
- **Gidduu galummaan Iccitiidha.**
  - Wanti walga'ii gidduu galummaa jedhaman akkamiyyuuwalii galaatti iccitii ta'anii hafu (dhuunfaa) akkasumas booddee faayyadamuun hin danada'amu, iyyatawwan addaa yoo hin taneen alatti.
- **Waliigalteen barreeffamaa yeroo gidduu galummaa irratti taasifame waluumaagalatti seera qabeessa. Kana jechuu warrii fi aanaan mana barumsaa erga murtiin waliin darbee booddee waliigalticha barreeffamaa hordofuu qabu jechuudha.**
  - Sanada waa'ee gamaggama daa'ima keessaniif atii fi aanaan mallatteessu kamiiyyuu yookan IEP akka sanadoota isaan IEP biroo kamiiyyuu irratti mallatteessaniitti fudhatamu yookankan walga'ii garee gamaggamaa kamiiyyuu.

#### Gidduu galummaa Gaafachuuf

Daayireektara barumsa addaa aanaa mana barumsaa keessan qunnamaa: aanaan adeemsa kana keessatti hirmaachuuf heeyyamamaa ta'uu isaa mirkaneessuuf ________________________________ kana________________________________ __ irratti. Qaamonni lamaanuu jiddu galaan keessatti hirmaachuuf yoo waliigalan, maalooWwaajjira Kutaa Barumsaa Ohio Daa'imman Adddaa qunnamaa:

- Bilbla kanaan: (614) 466-2650, yookan kaffaltii irraa bilisa kan ta'e kanaa (877) 644-6338; yookan
- Imeeliidhaan: exceptionalchildren@education.ohio.gov.



## Komii KutaabiyyaafGalfachuu

Waa'ee barumsa addaa daa'ima keetii yoo yaaddoo qabaatte filannoo biroo ati qabdu aanicha mana barumsaa yookan eejansii ummataa biroo irratti komii barreeffamaa kutaa biyyaa fi Waajjira Kutaa Barumsaa Daa'imman Adaa Ohio tti dhiyeeffachuudha.

### Komii Kutaa biyyaa Galfachuuf Baasiin Kamiiyyuu hin jiru

Komii kutaa biyyaa galfachuuf baasiin kamiiyyuu hin jiru. Adeemsi komii kutaa biyyaa walumaagalatti asdeemsa dhagahaa irra daddafee rakoodhaaf furmaata ni argachiisa akkasumas adeemsa dhagahaa irraa kan gorfamuu (yookan kan irratti waliigalamul)dha. Komii kutaa biyyaa galfachuuf komii barreeffamaa fi mallatteeffamaa kee (isa muummee) Waajjira Daa'imman Addaatti erguu akkasumas garagalcha komii ***kallattumaan*** gara aanaa mana barumsichaatti erguu qabda.

Komiin kee ibsa seerri federaalkaa cabuu ibsu yookan ulaagaawwan barumsa kutaa biyyaa cabuu isaanii ibsu (gocha namoota seeraan alaa Seera Barumsa Qaama miidhamtumaa irratti rawwatanii yookan sadarkaawwan Hojii Ohio Barumsa Daa'imman QAama miidhamtootaa) cabuu ibsuu qaba. Komiin maqaa itti galchuu yookan seera adda ibsuu hin barbaachisu gocha rawwatame garuu ibsuu qaba yookan gocha seeraan alaa ulaagaa barumsaa addaa irratti aanichi rawwate ibsuu qaba. Komii keessa aanichi ulaagaa barumsa addaa cabseera jettee maaliif akka yaadu dhugaawwan isaa ibsuu qabaatta.

XinxalaKomiiwwan Kutaa BiyyaaWaajjiri Daa'ima Addaa gargaarsa addaa komii galfaman ilaaluun yoo barbaachisaa ta'e aanichi mana barumsaa ulaagaa barumsaa addaa daa'ima kessaniin walqabatu cabsuu isaa mirkaneessuuf murteessuuf ni qorata . Qaamni sadaffaan – namni sin alaa sun, yookan eejansiin dhabbanni aanaa mana barumsaatiin alaa – aanichi mana barumsaa ulaagaalee barumsaa addaa daa'ima keessan ilallatu cabseera jedhee yoo amane Kutaa hojichaatti komii dhiyeessuu ni danda'a.

Komiin kutaa biyyaa yeroo kamiittuu gochi barumsa addaa cabsuu erga mudatee eegalee ***waggaa tokkoo keessatti*** kutaa hojiitiif dhiyaachuu ni danda'a Komiin balleessaawwan guyyaa komichi dhiyaate irraa eegalee yeroo waggaa tokkoo olii ta'e irratti dhiyaatu hin qoratamu/hin furamu.



Komii Kutaa Biyyaa seera qabeessa akka itti rawwatamuBarumsa addaa ilaalchisee komii kutaa biyyaa seera qabeessa dhiyeesuu yoo barbaade:

- Unka komii **kutaa biyyaa guutuun** gara Wajjira Kutaa Barumsaa Daa'imman Addaa Ohio tti ergi; yookan
- Xaalayaa komii barreessi;yookan
- Hojjetaa waajjira Kutaa Daa'imman Addaatti kanaan 1-877-644-6338 bilbiluun unka komii guuttee gara kutaa hojichaatti deebistu gaafadhu .

## Gara Komii keessan Itti Ergitan

komii Keessan *gara*Waajjira Kutaa Barumsa Daa'imman Addaa Ohio tti akkasumas gara to'ataa ol'aanaa aanaa aanaa mana barumsa yeroo tokkootti ergamuu qaba.

Komii Sirrii Ergi: Kutaa Barumsaa Ohio
Waajira Daa'imman Addaa
Attn: Daarektarri Gargaaraa Kutaa Walitti bu'iinsa furuu
25 South Front Street
Mail Stop 409 Columbus, Ohio 43215-4183

## Tursiisuu

Tursiisuu jechuun dhimmoota komii kutaa biyyaa qabanii turuu jechuudha. Atii fi aanaan mana barumsa adeemsa dhagahaa keessa yoo galtan fi atii yookan aanichi dhimma walfakkataa irratti komii yoo galfattan Kutaan Barumsaa Ohio komii kutaa biyyaa qabee ni tursiisa. Jecha birootiin kutaan hojichaa komii kutaa biyyaa keessan furuu isaatiin duratti hanga adeemsichi xumuramutti ni eega. Gaaffii adeemsa dhagahaa kee yoo addaan kuttan kutaan hojjichaa komii kutaa biyyaa tursiisuu jalaa baasuun komii keessan furuuf itti fufa.

Adeemsi dhagahaa rawwatamee murtiin qaama dhagahaa adaatiin (IHO) yoo kenname Kutaan hojjichaa komii kutaa biyyaa tursiisuu jalaa baasuun kan furu dhimmoonnii gama keessanii komii keessatti yoo hafanii fi ogessa adeemsa dhagahaatiin hin furamne furuuf ni raawwata.



### Tarree wantoota Komii Kutaa Biyyaa Keessatti Galchuu Qabduu

- Ibsa aananichi ulaagaa barumsa adda federaalaa yookan kutaa biyyaa cabsuu isaa ibsu.
- Ibsa rakkoo dhugaawwan komiin keessan irratti hundaa'e dabalatee.
- Odeeffannoo quunnamtii keessanii fi mallattoo sirrii keessan.
- Barataa tokko irratti seerri barumsa addaa cabuu isaa kan komattuu yoo ta'e:
  - Maqaa fi teessoo jireenyaa barataa sanaa;
  - Maqaa mana barumsaa da'imti itti barachaa jiru;
  - Daa'ima yookan dargageessa mana hin qabne yoo ta'e (akkaataa seera gargaarsa namoota mana hin qabnee McKinney-Vento Hirratti ibsameetiin) odeffanoo daa'imichaa ittiin qunnamanii fi maqaa barumsa daa'imti barachaa jiruu dhiyeessaa;
  - Ibsa uumama rakkoo dhugaawwan rakoodhaan walqabatan dabalatee;akkasumas
  - Furmaanni rakkoo yeroo komiin dhiyaatu qaama dhimmi illalatutti beekamuu fi argamuu qaba.
- Komiin *mallattoo keessan sirrii qabaachuu qaba kanaafuu komii faaksii yookan Imeeliin erguu hin dandeessan.*
- Komiiwwan maqaan irratti hin barreeffamiin hin fudhatamuu.

## Adeemsa Komii Kutaa Biyyaa

Kutaan hojii komii kutaa biyya keessan yoo fuudhe, seeraan galmeeffamee yeroo dheeraa erga turee booddee keessa deebiin ilaaluun akkum barbaachisumma isaatti gocha seera cabsuu(wwan) ulaagaa barumsa adda irratti raawwatame ni qorata. Waajjirri daa'imman addaa komii keessan erga fuudhee eegalee yeroo guyyoota hojii 60 keessatti komii furuu qaba.

Akka qaama adeemsa komiitti Waajjirri Daa'imman Addaa:

- Keessa deebiin ilaaluun komii keessan furuuf aangoo kan qabu yoo ta'e ni murteessa;
- Komii inni furu Qorannoo dabalatee
  (yoo barbaachise) barreefamaan si fi aanan mana barumsaatti hima);
- Si fi aanichaaf akka karaa filannoo rakkoo furuutti gidduu galumsa yookan mijaa'ina ni dhiyeessa;
- Waa'ee ibsa komii keessan keessa jiruu si irraa yookan aanicha irraa odeeffannoo dabalataa barbaachisuu danda'u ni gaafata;
- Sanadootaa fi odeeffanno dabalataa sii fi aanichaan dhiyaatan keessa deebiin ilaaluun, gaaffi fi deebii bilblaa raawwachuu fi aanaa daa'ima keessanii doo'achuunakuma barbaachisaadha jedhamee murteeffameen;
- Aanaan keessan komii keessaniif deebii akka kennuu fi furmaataa akka dhiyeessuuf carraa kennuu ; fi
- Xaalayaa komii atii fi aanichi murtii barumsaaaddaa cabsuun raawwwatamuu fi dhiisuu isaa ibsu (yoo barbaachise keessa deebii fi qorannoo isaa erga xumurtee booddee beeksisuun ni barreessa kunis erga komii keessna fudhatee eegalee guyyoota hojii 60 osoo hin caallee keessatti ta'uu qaba).

### Dheereffamawwan Daangaa yeroo

Kutaan hojichaa komii keessan furuu fi murtii isaa waliin xaalayaa barreessuuf guyyoota hojii 60 ol fayyadamuu ni danda'a, dheereffamni yeroo yoo jiraate. Dheereffamni guyyoota 60 komii kutaa biyyaa furuuf kan fudhatmu yoo;

- Atii fi aanaan mana barumsa yeroo dabalataatiif waliigaltaniittu kanaafuu isin lamaanuu gidduu galummaa, mijaa'ina yookan toftaa walitti bu'iinsa furuutiin rakkoo furuuf yaalii gochuu ni dandeessuu; yookan yoo
- Haaloonni addaa (Waajjira Daa'imman Addatiin bu'uura dhimma dhimmaatiin ilaalamanii murteeffamani ni jiru).

### Galmeessa Sirrii Hin taane

Waajjirri Daa'imman Addaaa  waa'ee dhimma akka hiikamu barbaadduuirratti odeeffannoo barbaachisu waan hin galchineef komii kutaa biyyaa kee seeraanhin galfanneejedhee murteesuu ni danda'a, yookan Waajjirri Daa'imman Addaa komicha ilaaluuf aangoo yoo hin qabaanneWaajjirri Daa'imman Addaa xaalayaa kanaibsu isiniif ni erga: Komii keessan furuuf maaliif itti hin fufnee, sababiin murtii kanaa akkasumas yoo hojii irra kan oolu ta'e odeeffannoo ati akka haaraatti itti galchitu seeraan galmeeffamuu qaba.

### Komii irra Deebiin Galchuu

Komii odeeffanoo haaraan irra deebiin galchuu kan qabdu yoo ta'e komii gara Kutaa Barumsaa Ohio fi aanaa mana barumsaatti yeroo seerrii barumsaa addaa cabuun galfame irraa eegalee yeroo waggaa tokkoo keessatti erguu akka qabdu mirkaneessi. Komii keessan keessatti dhimmoota Kutaan hojjichaa furuuf aangoo hin qabne yoo galchite akkuma barbachisummaa isaatti aangoo dhimmoota kanaa hiiku hinqabne, teessoo qaama d qabeenyaawwan rakkoolee kanneen furuutti isiin eerga; haaluma seerrii gaafatuutti.

**Komii Galmeessisuu**

- Komii erga wanti komatame rawwatamee waggaa tokko keessati galmeeffame.
- Warri Kutaa Barumsaa Ohio tiif isa muummee akkasumas aanichaaf garagalchaa ni dhiyeessa.
- Komii ulaagaawwan barumsaa addaa cituu isaanii dhugaawwaniin deeggaramuu dhiyaatan.

**Kutaan Xinxala Komii BarumsaaOhio**

- Kutaan hojichaa namoota komii galchani fi aanicha mana barumsaatii xaalayaa galataa ni erga.
- Kutaan Barumsaa Ohio komii seeraan kan hin galfamneefyookan Kutaa hojichaa komicha furuuf aangoo kan hin qabne yoo ta'e xaalayaa ni erga.

**Furmaata**

- Kutaan hojichaa sanadootaa hunda ilaaluu akkuma barbachisetti sanadoota/odeeffannoo dabalataa ni gaafata. Kutaan hojjichaa akkuma barbaachisetti namoota sirrii ta'an gaaffii fi deebii ni godha.

**Kutaan Xaalayaa Argannooawwanii ni Erga**

- Waa'ee tokkoon tokkoon iyyannoo komii kutaan hojii seera barumsa adda cabsuu ta'uu isaanii ni murteessa.
- Kutaan hojichaa bakka aanichi seera cabse argameetti tarkaafiiwwan sirreeffamaa ni fudhata.



## Adeemsa Komii galfachuu

Warroonni waa'ee barumsa addaa daa'ima isaanii furuuf aanaa mana barumsaa isaanii waliin furuu karaa tokkoo adeemsa dhagahaatiif kallattumaan aanichaaf gaaffii dhiyeessuu yoo ta'u, garaglcha isaa ammoo gara Kutaa Barumsaa Ohio tti erguudha. Kna yoo gootan, adeemsa komii galmeessifattan (gaaffii komiis ni jedhama). Galmee adeemsa komii jedhanii kan waaman qaamonni biroo ni jiru:

- Barataan yoo xiqqaate umurii waggaa 18 yoo ta'e;
- Aanaa mana barumsaa; yookan

**Eejjasiiwwan barumsa ummataa biro.**



### Sababoota Galmeessisuu

Adeemsi komii dhimmoota armaan gadiitiif galmeessifamuu ni danda'a yaaddooww
 yoo naannoo barumsa addaa daa'ima keetii:

- Daa'ima qaama miidhamtuu addakan baasuu;
- Daa'ima qaama miidhamtuu gamaggamuu;
- Ramaddii iddoo barumsaa daa'ima qama miidhaa qabuu; ; yookan
- Barumsa ummataa sirrii fi bilisaa (FAPE) daa'ima keessanii dhiyeessuu.

Adeemsi komii kan ibsuu qabu ulaagaawwan federaalaas ta'ee kan kutaa biyyaa cabuu isaanii fi ***erga*** guyyaa maatiin (yookan eejansii barumsa ummataa komii galche) irraa eegalee waggoota lama keessatti dhimma seera barumsa addaa cabee ni beeka yookan beekuu qaba. Kutaan Barumsa Ohio adeemsa komii dhagahaa yoo fudhete warroonnii fi aanaan mana barumsaa adeemsa dhagahaa jiraatu hundatti adeemsa dhagahaa irratti hirmaachuuf carra ni qabaatu. Adeemsi dhagahaa adeemsa sirrii ogeessii dhagahaa Kutaa hojichaatiin irratti ramadamuun dhagaha adeemsisuu fi adeemsa komii furuudha.

### Odeeffannoo Itti galchuu

Kutaan hojichaa unka adeemsa dhagahaa itti dhiyeessuu danda'an ni dhiyeessa. Namni yookan eejansiin barumsa ummataa gaafii dhiyeessu[unka Kutichi ](#) itti fayyadamuu hin qabaatu garuu namni yookan dhaabbanni yeroo adeemsa komii dhiyeessan odeeffannoo barbaachisu kan itti galchuu qabu:

1. Maqaa barataa;
2. Teesoo yookan odeeffannoo qunnamtii barataa;
3. Maqaan aanaan mana barumsa;
4. Daa'imti keessan mana kan hin qabne yoo taanete, odeeffannoo daa'ima keessan ittiin qunnaman kaa'aatii fi maqaa
 mana barumsaa daa'imti keessan barattuu ibsaa.
5. Ibsa rakkoo addaa daa'ima keessanii fi dhugaawwan waa'ee rakkoo sanaa; fi

Yaadoota yookan ilaalcha rakkoo furuuf.Adeemsi komiis ibsa walfakkaataa komii irratti ibsamee fi odeeffannoo bal'aa qabachuu qaba(fuula 18 ilaalaa), haata'u malee mallattoo sirriin hin barbaachisu. Aanaan mana barumsaa fi kutaa hojichaatti qaama,ergaadhaan, faaksiidhaan, yookan imeeliidhaan dhiyeeffamuu ni danda'a Dhimmoonni adeemsa komii muummee keessan keessatti hin ibsamiin yeroo adeemsa dhagahaatti ogeessan keessa deebiin hin ilalamu.

### Asdeemsa komii Geeddaruu

Adeemsa komii foyyeesuun erga Kutaa Barumsaa Ohio tii dhiyeeffamee booddee komii foyyeessuudha. Adeemsa komii keessan geeddaruu kan dandeessanyoo qofaan:

- Qaamni biroo adeemsa komii geedarametti barreeffamaan waliigaluun, rakoo karaa walga'iitiin furuu irrattiakka hirmaatu carraan ni kennamaaaf(walga'iin furmaataafuula 23keessatti) ibsameera; yookan
- Oggeessii dhagahaan loogii malee heeyyama ni kenna, Ogeessi dhagahaa adeemsi dhagahaa osoo hin jalqabamiin dura hanga guyyoota shaniitti heeyyama akkasii kennuu kan danda'u yoo ta'u, sana booddee garuu hin ta'u.

## Yeroo fi Adeemsa Hojichaa

Adeemsa komii Aanaa mana barumsaa daa'ima keetii irrati yoo dhiyeessiteguyyaa adeemsa komii fudhtee eegalee guyyoota hojii 10 keessatti aanichi beeksisa barreeffamaa dursaa yookan deebii akkaataa ibsa seera barumsaa addaa cabsuutiin siif kennuu qaba, aanichi kanaan dura beeksisa akkasii yoo hin kenniniin alatti jechuudha.(fuula 9 ilaali). Beeksisni barreeffamaa dursaa aanichi siif kennu kan of keessa qabaachuu qaba:

- Ibsa gocha gaaffii keetii yookan komii keetii. Kunis tarkanfii aanichi fudhachuu barbaade yookan fudhachuu dide ta'uu ni danda'a. Aanichis manni barumsaa maaliif tarkaanfichaa fudhachuu akka barbaadee fi fudhachuu akka hin barbaanne ibsuuqaba;
- Ibsa tooftaalee daa'ima gamaggamuuf itti fayyadame hunda, galmeewwan waa'ee daa'ima keetii, gabaasawwan aanichi tarkaanfii fudhachuuf yookan fudhachuu diduuf itti murteesse;
- Ibsa filannoo biroo gareen IEP daa'ima keetii hubannoo kessa galchee fi sababa(oota) ittiin filannoo sana dhiise; fi
- Ibsa dhimmoota biroo murtii aanichaa kan tarkaanfii fudhachuuf yookan fudhachuu dhiisuuf barbaachisaa ta'a.

Aanaan mana barumsa odeeffannoo waa'ee gargaarsa bilisaa yookan gatii gadi aanaa yookan tajaajila barbaachisoo biroo ati argachuu dandeessuu sitti himuu qaba.

Adeemsi komii isin irratti yoo dhiyaate akka warraatti guyyoota hojii 10 keessatti komiichaaf deebii deebisuu qabdu. Deebiin keessan dhimmoota adeemsa komii keessatti ibsaman kallattumaan xuquu qaba.

### Gahumsa

Adeemsi komii gahaa kan jedhamu (jechuun seera guutee dhiyateera jechuudha) ***qaamni biroo*** ogeessi dhagahaa loogii malee fi qaamni komii dhiyeessee ulaagaawwan dhiyeessuu kan hin guunne akka ta'e (jechuun, gahaa ta'uu dhabuu) yoo hin beeksisiin alatti jechuudha. Qaamni biroo gahumsa adeemsa komii yeroo adeemsi komii fudhatamee eegalee guyyoota hojii 15 keessatti barreeffamaan dhiyeessuu qaba.

Fakkeenyaaf adeemsa komii keessan aanaa irratti yoo dhiyeessitan garagalcha isaa gara Kutaa Barumsaa Ohio yoo ergitan), aanichi barreeffamaan ogeessa dhagahaatti guyyoota hojii 15 keessatti gaaffii keessan seera guute kan dhiyaate ta'uu akka hin amanne yoo beeksiseen alatti jechuudha. Ana booddee ogeessii dhagahaa adeemsi komii isin dhiyeessitan gahaa ta'uu isaa murteesuuf guyyaa inni yookan isheen aanaa keessan irraa beeksisa barreeffamaa fudhate irraa eegalee guyyoota hojii shan ni qabaata (kunis ulaagaawwan adeemsa komii fuula 21 irratti ibsame guutuu isaa beekuuf). Ogeessi dhagahaa si fi aanichatti murtii isaa yookan ishee guyyoota 15 keessatti barreeffamaan beeksisuu qaba.

Ogeessi dhagahaa adeemsi komii kee gaha akka hin taane yoo murteese ati adeemsa komii biroo irra deebiin dhiyeessuuf yookan adeemsa komichaa fooyyeesuuf filannoo qabda, aanaan yoo irratti waliigale haala jiru karaa walga'ii furmaataatiin hiikuuf carraa ni qabda yookan ogeessi dhagahaa guyyoota shan dhagahaa jalqabuun duratti heeyyama ni kenna.

Adeemsa komii keessanii sirriitti yoo foyyeesitan sana booddee yeroo furmaata guyyoota 30 (fuuala 23 ilaalaa) yoo ati komii sirreessitu eegala.

## Furmaata Adeemsaa

### Yeroo Furmaataa

Yeroon furmaata yeroo adeemsa komii galfachuu fi adeemsa dhagahaa sirrii gidduu jiruudha. Yeeroo furmaata walga'ii furmaata dhagahaan seeraan osoo hin jalqabamin duratti yeroo tokko waldhabbii barumsa addaa furuuf carraa ni kenna. Adeemsa komii dhiyeessitee adeemsa furmaata keessatti hirmaachuu yoo dadhabde, kun jalqabbii yeroo adeemsa yeroo kanaa gadii caalaatti duubatti harkisa). Yeroon furmaata guyyaa adeemsi komii itti dhiyaatee booda (yookan guyyaa adeemsi komii seeraan fooyya'ee eegalaa) eegalee guyyoota 30 dha. Osoon aanaan mana barumsa hanga quufinsaa ta'eenadeemsa komii keessanii guyyoota 30 kenname keessatti foyyeesuu baatee, sana booddee adeemsi dhagahaa itti fufuu ni danada'a. Yeroo furmaata guyyoota 30 erga dhumee booddee adeemsa dhagahaa fi ogeessi dhagahaa loogii malee akka murteesu guyyoonni dabalataa 45 ni jiru (fuula 24 ilaalaa), atii fi aanichi gidduu galummaa guyyoota hanga 30 gahutti irratti yoo waliin hin galiin alatti jechuudha. Yeroo furmaataa guyyaa 30 dursee xumuramuu ni danda' kunis atii fi aanichi yeroo furmaataa guyyoota 30 keessatti waliigalteen kamiiyyuu akka hin danda'amne yoo barreeffamaan waliigaltanjechuudha.

Yeroo furmaataa guyyoota 30 fi erga adeemsa komii fudhatee eegalee, guyyoota 15 duraatiif aanaan mana barumsa sagantaa walga'ii furmaata baasuu qaba. Aanichi guyyoota 15 keessatti walga'ii furmaataa yoo hin qabne yookan walga'ii furmaataa irratti yoo hin hirmaanne yeroo adeemsa dhagahaa guyyoota 45 akka eegalamu ogeessa dhagahaa gaafachuu ni dandeessa. Aanichi adeemsa komii yoo galche walga'ii furmaataa saganteesuun isa hin barbaachisu.

### Walga'ii Furmaataa

Kaayyoon walga'ii furmaata rakkoolee komii keessa jiran irratti akka mari'attan carraa isiniif kennuu fi Aanaa mana barumsaaf Furmaataaf si waliin akka hojjetu gochuufidha. Walga'ii furmaata waamuuf itti gaafatamummaan kan aanichaa yoo ta'u, ati ammoo walga'icha irratti hirmaachuu abda. Walga'ii furmaata irratti yoo argamuu baattee fi aanichi hirmaachuu dhabuu kee yoo sanadaan qabe aanichi ogeessii dhagahaa adeemsa komii keessa dhuma yeroo guyyoota 30 booddee akka haqu gaafachuu ni danda'a.

Atii fi aanaan mana barumsa miseensota garee IEP eenyu walga'ii furmaataa irratti hirmaachuu akka qabu ni murteesitu. Walga'iin kun bakka bu'aa aanaa mana barumsa kan aanichaaf murtii dabarsuuf aangoo qabu of keessa qabaachuu qaba.

Ogeessi seeraa aanichaa walga'ii kan hin hirmaatu ati ogeessa seeraa kee yoo hin qabaaneen alatti. Adeemsa furmaataa keessatti walga'iin tarkaanfii barbaachisuuf atii fi aanichi walga'ii furmaataa dhiisuuf yookan atii fi aanichi walga'ii furmaataa irra giddu galummaadhaan fayyadamuuf barreeffamaan yoo waliigaltan jechuudha. Atii fi aanichi akkas gochuuf yoo waliigaltan gidduu galummaa yeroo guyyoota 30 ol darbuuf heeyyamni isiniif kennameera . Kunis adeemsa dhagahaa fi daangaa yeroo murtii akka hin eegalle guyyoota 45 ni dhorkuu ni dandeessuu.

Atii fi aanichi walga'ii furmnaataa irratti walitti bu'iinsa yoo furtan isin lamaanuu waliigalte seeraan fudhatamu mallatteesuu qabdu:

- wanta amma ta'u barreeffamaa kanaa gaditti kaa'meera;
- Sii fi bakka bu'aa aanichaatiin mallattaa'eera; akkasumas

Manni murtii hojii oolchuu ni danda'a.Seeraan kan fudhatamu jechuun atii yookan aanaa mana barumsaa akka waliigaltichaatti yoo kan hin raawwanne ta'e, manni murtii sii yookan aanicha akka raawwatu gochuu barbaachisuu danda'a. Ati yookan aanaan mana barumsa waliigaltichaa erga mallatteessee booddee akka walii hin gallee yoo murteessee isin keessaa tokko erga waliigalticha mallatteessitanii booddee guyyoota sadi keessatti haquu ni danda'a.

Atii fi aanaan mana barumsa waa'ee adeemsa komii yeroo furmaata dhumuun guyyoota 30 duratti yoo waliigaltan komiin ni cufama akkasumas adeemsi komii adeemsifamu hin jiraatu

## Adeemsa Dhagahaa

Adeemsi dhagahaa saganteeffamuu fi adeemsifamuu kan qabu bakka fi yeroo sii fi aanaan mana barumsatiif mijataa ta'ettiidha. Yeroo adeemsa dhagahaatti ogeessii dhagahaa yeroo isin qunnamuu barbaade hundatti sii fi aanicha yeroo walfakkaataatti qunnamuu qaba. Jecha birootiin walqunnamtii ogeessaa dhagahaa loogii malee, sii fi aanicha gidduutti taasifamu waliinii fi osoo addaan hin bahiin raawwatamuu qaba.

Daangaan yeroo adeemsa dhagahaa guyyoota 45 (kan ogeessii dhagahaa loogii malee murtii itti dabarsu) kan eegalu yeroon furmaataa guyyoota 30 erga xumuramee booddee yookan kanneen keessa tokko erga ta'anii booddeedha:

- Atii fi aanichi walga'ii furmaataa akka hin goone (akka hin qabaanne) barreeffamaan waliigatan; yookan
- Walga'ii furmaata yookan walga'ii gidduu galummaa keessatti marii yoo eegaltan atii fi aanichi waliigaltee kamiiyyuu akka hin danda'amne barreeffamaan waliigaltu; yookan
- Atii fi aanichi yeroo furmaata guyyoota 30 ol akka deemu fi giddu galummaan itti fufuu akka dandeessan waliigaluu ni dandeessu akkasumas ati yooka aanichi adeemsa gidduu galummaa keessaa bahuu ni dandeessuu.

Ogeessi dhagahaa loogii malee yeroo dabalataa kennuuf yoo waliigaleen alatti (yookan jecha birootiin yeroo dheeraa kenneen alatti) qaamota lamaan keessa tokkoo daangaa yeroo guyyoota 45 keessatti gaafate kan armaan gadii ni raawwatu:

- Dhagahaan raawwatamuu qaba;
- Murtiin dhagahaa godhamuu qaba; akkasumas
- Garagalchi murtii karaa ergaa mirkaneeffameen aanaan fi mana barumsa akkasumas Kutaa Barumsaa Ohio tti
 ni erga.

Adeemsa dhagahaatiin yoo xiqqaate guyyoota shan duratti atii fi aanaan mana barumsa walga'ii ibsaa irratti hirmaachuu qabdu. Kunis haasawaa atii fi aanichi odeeffannoo dhagahaa irratti dhiyaatuu qabaachuu keessan mirkaneesuufiidha.



### Adeemsi Dhagahaan kan adeemsifamu Ogeessa Dhagahaa dhimmichaa loogii maleetiin

Adeemsi komii yoo furamuu hin dandeenye gara dhagahaa seeraa ogeessaa loogii malee dhagaahu kan seera qabeessa ta'eetti qajeelfama. Ogeesii dhagahaa bakka bu'aa adeemsa gahaawwanii ademsisuuf Kutaa Barumsa Ohio tiin leenji'aa ture ta'uu qaba.

Aanaan mana barumsa kaffaltii ogeessa dhagahaa ni kaffala, haata'u malee namni kun bilisaa fi qaama sadaffaa dha. . Inni yookaa isheen aanaa mana barumsaa yookan eejansii ummataa kan biraa barumsa keessatti hirmaatuu kan faayidaa dhuunfaa yookan ogummaa garee tokkoof akka fayyadu taasisu qabaachuu hin qabu.

Dabalataan ogeesii dhagahaa ulaagaawwan barumsa addaa sirriiti kan beekuu fi seerotaa fi dambiiwwan IDEA, federaalaa fi kutaa biyyaa akkasumas haala itti manneen murtii dhimmoota barumsa addaa hiikan beekumsa qabaachuu qaba.

Dhagahaan booddee ogeessii dhagahaa akkataa sadarkaa seeraatiin murtii ni barreessa. Aaanaa keessan yookan Kutaan Barumsa Ohio tarree ogeessota dhagahaa fi haala barumsa isaaniini dhiyeessa, yookan atu kan itti aanuu dowwachuun ni dandeessa education.ohio.gov jechoota furtuu barbaaduun argachuu ni dandeessjecha *ogeessssoota adeemsa dhagahaa a.*

### Mirgoota dhagahuu

Adeemsa dhagahuu keessatt,i kana gochuuf mirga qabdu:

- Daa'ima keessan kan dhimmii dhagahuu ialaallatu qabachuu; Dhagahaan dhimmichaa ummataaf banaa akka ta'u gaafachuu;
- Ogeessaa seeraa yookan namoota waa'ee daa'imman qaama miidhamtootaa hubannoo addaa qaban akka isin waliin ta'anii fi akka isin gorsan gochuu ;
- Ragaa (mirkaneessa) dhiyeesuu, qorannoo fi gaafii qaxxaamuraa (gaaffii) dhugaa baatuu ragaan qaamaan dhiyaachuu ni barbaachisa (ammas dhagahaan dhimmoota adeemsa komii kee keessatti kaafaman qofa irratti hundeeffamu aanaan dhimoota haaraa akka kaastu yoo siif heeyyameen alatti jechuudha); Ragaa yoo xiqqaate guyyaa dhagahuutiin guyyoota shan dura sitti agarsiifamne hin beekne gonkumaa diiduu; akkasumasBaasii tokkoo malee, barreeffama jechaaf jechaan yookan ati dhagahaa galmee elektiroonikii yoo filattee fi galmeewwan argannoowwanii fi murtiiwwanii fudhadhu.

**Ati Yoo Abukaatoowwan Abbaa Seeraa hin Taaneen Waliin Jiraattee**

Ati abukaatoowwan abbaa aeeraa hin taaneen waliin kan jirtu yoo ta'e, namoonnii kunneen kaffaltiiwwan abbaa alangaa argachu hinda'an (ogeessa seeraa) kanfaltii (kaffaltii tajaajila isaanii kamiiyyuu) qaama biroo iraa hin fudhachu hindand'an. Abukaatoon dhagahaa irratti seera raawwachuu hin danda'u, hirmaannaan abukaatoos daangeffamuu qofatti kan daanggeeffameedha.

### Adeemsa Komiiwwanii fi Yeroo Saffiisiisuu

Adeemsi dhagahaa saffisaa dhagahaa yeroo saffisaa furmaata waldhabbiiwwan barumsaa addaa muraasaa mijeessuu jechuudha. Ati yookan aanichi adeemsa dhagahaa saffisaatiif gaaffii yoo galchitan haaloota kana keessatti kan ta'e yoo qofaa:

1. Murtii aanaa mana barumsaa waa'ee iddoo barumsa daa'ima keetii kenne irratti yoo waliigaluu baatte (sagantaa yookan tajaajilawwan), fi kunis sababa manni barumsaa daa'ima keessan adabeef; yookan
2. Bu'aawwan murtii ibsaa irratti yoo waliigaluu baatte; yookan

Aaanaan mana barumsaa iddoo qabsiisuun barumsaa daa'ima keessanii (sagantaa yookan tajaajilawwan) daa'ima kee kanneen biroo waan miidhamaniif ta'uu ni danda'a.Yeroon adeemsa komii saffisiisuun yeroo furmaata guyyoota hojii 15 akkasumas yeroo dhagahaa guyyoota barumsaa 20 of keesstti qabata. Aaanaan mana barumsa erga adeemsa komii fudhatee eegalee walga'ii furmaata guyyoota torbaa keessatti saganteessuu qaba. Erga adeemsi dhagahaa saffiisaa xumurameen booddee, ogeessii dhagahaa murtii dhumaa barreessee sii fi aanichaaf dhiyeessuuf guyyoota barumsaa 10 qaba. Yeroo adeemsa komii saffiisaatti yeroon dabalataa kamiiyyuu hin dabalamu.



## Murtii irratti Ol iyyachuu

Murtiin adeemsa dhagahaa ogeessa dhagahaa loogii maleetiin kennamu kan dhumaati yoo qaamni walii hin galle kallatumaan Kutaa Barumsa Ohio waliin guyyaa murtii argatee eegale guyyoota 45 keessatti dhiyeesseen alatti jechuudha. Qaamni walii hin gallees warra yooka aanicha ta'uu ni danda'a, murtiin ogeessa dhagahaa kan abbichaaf hin tollee yoo ta'e (kana jechuun qaamni sun itti walii hin mo'atu).

### Akkaataa Murtiiwwan Ogeessa dhagahaa irratti Itti ol Iyyatan

Murtiiwwan ogeessa dhagaahaa irratti ol iyyachuuf kutaa hojichaatiif garagalcha ol iyyataa keessan barreeffamaan erguu fi akkasumas garagalcha isaa to'ataa ol'aanaa aanaa mana barumsaa keessaniitti erguu qabdu. Kutaan hojii ogeessaa keessaa deebii (ogeessaa keessaa deebii) murtii adeemsaa sana loogii malee akka keessa deebiin ilaalu maqaa sadarkaa kutaa biyyaa ni ibsa. Kutaan Barumsaa Ohio Ogeessa Xinxalaatiif ni kaffala. Ogeesiii keessa deebiixinxalaa galmeewwan adeemsa komii guutuu ni qorata . Dabalataan ogeessii keessa deebii dhagahaan ulaagaawwan adeemsaa hordofuu isaanii ni mirkaneessa akkasumas akkuma barbaachisaa ta'een odeeffannoo dabalataa ni barbaada. Ogeesii keessaa deebii falmiiwwan afaanii yookan barreeffamaa sii yookan aanicha mana barumsaa irraa gaafachuu ni danda'a: Ogeesii keessa deebii falmii afaaniitiin dhagahaa adeemsiuu yoo barbaade mirgoonni dhagahuu hundi (fuula 25 ilaalaa) kan adeemsa dhagahuu sana keessatti siif kennaman yeroo dhagahuu siif ni kennamu.

Murtii Ogeessa Dhagahaa Ol Iyyannoo Loogii Malee GaafachuufMurtii ogeessaa dhagahaa loogii malee itti waliigaluuu dhabuu ni dandeessa (ol iyyata) guyyaa murtii fudhttee eegalee guyyoota 45 keessatti barreeffamaan dhiyeessuu ni dandeessa. Iyyata kee itti ergi: Kutaa Barumsaa Ohio Waajjira Daa'imman Addaa Kutaa Furmaata Waldhabbii
25 South Front Street Mail Stop 409 Columbus, Ohio 43215 Gargaarsa dabaataatiif Kutaa Barumsaa Ohio Waajira Daa'imman Adda a
Bilbla kanaan: (614) 466-2650, yookan kaffaltii irraa bilisa kan ta'e kanaa (877) 644-6338; yookan

### Daangaa Yeroo/Dheereffaman

Kutaan hojii keessa deebii sadarkaa kutaa biyyaatiif gaaffii kee erga fudhatee booddee, ogeessii keessa deebii murtii ni kenna, dheeressa yeroo warraan yookan aanichaaf gaafatamu yoo kennee yookan kenniteen alatti jechuudha (haata'u malee dheereffama daangaa yeroo ol' yyata adeemsa dhagahuutti kennamuu akka hin dandeemnye hubadhaa). Argannoowwanii fi murtiiwwan ogeessa kan keessa deebii garagalcha elektiroonikii yookan galmeessawwan elektiroonikii jechaa- jechatti gaafachuu ni dandeessaa.

### Mana murtii Federaalaa yookan Kutaa Biyyaatti Ol Iyyachuu

Sadarakaa mana murtii federaalaa yookan kutaa biyyaatti yoo ol iyyannoo dhiyyeessaniin alatti murtiin keessa deebii sadarkaa kutaa biyyaa kan dhumaati. Qaamni murtii ogeessaa hin fudhanne (komii irratti qabu) guyyaa ogeessii murtii keessa deebii kennee eegalee guyyoota 90 keessatti mana murtii aanaa federaalaatti yookan kutaa seeraa kutaa biyyaa aanaan mana brumsa daa'ima keetii keessatti argamutti guyyaa murtiin keessa deebii beeksifamee eegalee guyyoota 45 himannaa galfachuu ni danda'a. Manni murtii galmeewwan keessa deebiin ilaaluu, gaaffii qaamoleetiin ragaawwan dabalataa dhagahuu akkasumas galmeewwanii fi ragaawwan hiyaatan irratti hundaa'uun murtii dhumaa dabarsa. Ol iyyannoo mana murtiitti dhiyeessituuf baasiiwwan mana murtii kaffaluu qabda yoo moo'atte garuu kaffaltiiwwan mana murtii fi kan abukaatoo sii kaffalamuu ni danda'a (fuula 28 ilaalaa) akkaataa murtii kennuu mana murtiitiin.

## Yeroo Adeemsaatti Haala Daa'imti irra Argamu/ttu

- Yeroo adeemsi komii gaggeeffamaa jirutti daa'imti keessan bakka amma baratutti itti fufu qabaata atii fi aanaan mana barumsa iddoon barumsaa daa'ima keessanii akka jijjiiramu yoo waliigaltaniin alatti jechuudha.
- Iddoon barumsa daa'ima keetii kan ammaa hojiirra olmaa IEP isaa yookan ishee yeroo dhihoo keessatti ibsamaniidha.
- Daa'imti keessan haala filannoo barumsaa kan yeroof ta'e keessa yoo jiraate (IAES – barumsa yeroof mana barumsaatiin alatti mijeeffamu) sababa adabbii mana barumsaatiin yoo ta'e daa'imichi hanga ogeesii dhagahaa murtii dabarsutti yookan hanga adabbiin aanichi daa'ima keessan irra godhe xumuramutti kamiiyuu dura ta'u haala barumsaa kana keessa tura; Adeemsi komii aanaa fi daa'imti keessan heeyyama keessanii akka irratti hirmaatan yoo godhame, hanga adeemsi dhagahaa xumuramutti aanicha keessa turuu qaba. Gosa seeraa umurii barumsaa jalatti tajaajilawwan jalqabuuf adeemsi komii iyyata yoo galfate sababiin isaan daa'imti keessan umurii waggaa 3 darbee giddu galumsi seeraa daa'imman xiqqoo kan hin illallanne yoo ta'e aanaa mana barumsaa tajaajila giddu galumsaa duraa daa'imti keessan hin argatiin kennuuf hin barbaachisu . Daa'imti keessan tajaajilawwan barumsa addaatiif gahaa ta'ee yoo argamee fi warri dhiyyeessii duraa tajaajilawwaniitiif yoo waliigalan aanaan mana barumasaa tajaajilawwan warraa fi aanaa gidduutti walitti bu'iinsa hin uumne
 dhiyeessuuu qaba. Ogeessee keessa deebii iddoo jijjiiruu irratti warra daa'ima keessanii waliin yoo waliigale jijjiiramni akka waliigaltee kaayyoowwan turtiitiif kutaa biyyaa fi wara gidduutti godhameetti ilaalamuu qaba.

## Kaffaltii Bakka Bu'aa

Bakka bu'aa (ogeessa seeraa) akka adeemsa kana irratti bakka kee bu'u yeroo kamiittuu qacaruu filachuu dandeessa ta'a (yookan ol iyyannaa murtii adeemsichaatiif) garuu baasiiwwan seeraa kee hunda kaffaluu qabda. Bakka bu'aa qacarachuuf filattee dhimmicha kan mo'attee yoo ta'ee (murtii gara keetti yoo argattee) tarkaanfii kamiifuu yookan dhagahuu adeemsa dhimma mana murtee keetiin walqabu (kan garee mo'ataa si taasisuu), manni murtii akka kanfalrii bakka bu'aa fudhatamaa siif kanfaluuf aanicha ajjajuu danda'a.

### Aanaan yoo Moo'e

Aanichi yoo mo'atee, manni murtii Kaffaltii bakka bu'aa aanaa fudhatamaa akka kaffaltaniif isiin ajajuu ni danda'a. Mannu murtii kaffaltii bakka bu'aa Kutaa Barumsa Ohio yookan kan aanaa mana barumsaa akka kaffaltuu si ajajuu ni danda'a, yoo isaan mo'atanii fi manni murtii kan armaan gadii keessa kamiiyyuu yoo murteessee:

- Tarkaanfichi wanta akkasumaanii, sabab kan hin qabne yookan bu'uura kan hin qabne yoo ta'e;
- Tarkaanfichi ifaan ifatti wanta akkasumaanii ta'eef yookan bu'uura kan hin qabne ta'e ati himannaa seeraa kan itti fufte yoo ta'e; yookan
- Tarkaanfiin kaayyoo sirrii hin taane kan akka miidhuu, barfannaa hin barbaachisne, yookan baasiiwwan kaffaltii seeraa haala hin barbaachisneen dabaluu irratti kan fudhatamu yoo ta'a.

### Manni murtii kaffaltiin seeraa siif yookan aanichaaf akka kaffalamu yoo ajaje

Manni murtii kaffaltiiwwan seeraa siif yookan aanichaaf akka kaffalamu yoo ajaje manni murtii hamma kaffaltii sirrii ta'ee ni murteessa. Kaffaltiin bakka bu'aa baayyina sirrii hawasa keessa jiru irratti hundaa'uu qaba, kan bakka tarkaanfii yookan raawwiin akkasii fudhamuu jechuudha akkasumas
gosaa fi qulqullina tajaajilawwan dhiyaatanii irratti hundaa'a. Dandeettii manni murtii kaffaltiiwwan bakka bu'aa irratti qabuu irratti daangeffamni muraasni ni jiru.
Manni murtii kaffaltiiwwan abukaaoo sadarkaawwan kanneen irratti kaffaluu hin danda'u:

- Aanichi waldhabbiin furuuf guyyaa iyyannootii eegalee guyyoota 10 barreeffamaan yoo kenne, guyyoota 10 keessatti kan kenne ati yoo hin fudhanne seerichi dhimma kana keessatti yaada hiikuuf aanichi kenne irra siif bakka gadi aanaa kenna;
  - Garuu tarkaanficha keessatti yoo ati moo'atte manni murtii siif kaffaluu ni danda'a akkasumas manni murtii ati sirrii ta'uu kee sababa yaada furmaataa aanichi kenne akka hin funne (sababa gaarii akka qabu) ni murteessa;
- Hirmaannaa ogeessa seeraa kee walga'ii IEP keessatiif, walga'iin sun dhagahaa bulchiinsaatiin yookan tarkaanfii mana murtiitiin kan waamame yoo ta'een alatti jechuudha; akkaumas
- Hirmaannaa ogeessi seeraa kee walga'ii furmaataa keessatti.

### Kaffaltiiwwan Abukaatoo Hir'isuu

Manni murtiis kaffaltiiwwan abukaatoo kan hir'isu yoo:

- Yeroo adeemsa dhimmmichaatti ati yookan ogeessi seeraa kee sababa tokko malee furmaata waldhabbii kan dhumaa yoo duubatti harkise;

Kaffaltiin abukaatoo hamma sa'aatiitti kaffalamu kan hawaasa keessa moo'ichaaf kaffalamuu kan abukaatoo dandeettii, gahumsaa fi muuxannoo walfakkaataa qabuu fi tajaajilawwan walfakkataaf kaffalamuu ol yoo ta'e; Yeroon dhumee fi tajaajilawwan ati fudhatte hamman ol (baayee' hedduu) yoo ta'e kan uumama gochaatiif yookan adeemsaaf kenname;Beeksisa komii keetii keessatti ogeessi seeraa kee odeeffannoo sirrii aanicha mana barumsaatiif yoo hin dhiyeessine. Kutaan biyyaa yookan aanaan mana barumsaa sababa tokko malee gochaaf yookan adeemsaaf murtii dhumaa kan duubatti harkise ta'uu isaa manni murtii yoo mirkaneesse yookan eegumsa adeemsa IDEA's yoo cabse kan armaan olii keessaa kamiyyuu hojii irra hin oolu.

# Naamusa

## Adeemsa Naamusaa daa'imman Qaama Miidhamtootaf

Dhimmuma walfakaatuun aanaan mana barumsa keetii daa'ima kee kan qaama miidhamaa ta'eef tajaajilawwan barumsa addaa dhiyeessuu itti fufuu qabaachuu ni danda'a erga aanichi daa'ima kee iddoo barumsaa isaa yookan ishe irraa dhaabsise, baase yookan ari'een booddeelle jechuudha (iddoo barumsa isaa yookan ishee irratti odeeffannoo dabalataatiif IEP daa'ima keetii ilaali).

### Iddoo Barumsaa fi Filannoowwan

Daa'imti kee seera mana barumsa aanaa cabsuun guyyoota walitti aanan 10 gadiif iddoo barumsaa isaa yookan ishee kan ammaa irraa yoo baafame, aanichi yeroo sanatti daa'ima keetii barumas addaa kennuu hin qabaatu. Daa'imti kee guyyoota walitti aanan 10n oliif mana barumsaa *irraa yoo baafame, aanichi yeroo sanatti* daa'ima keetii barumas addaa kennuu itti fufuu qaba haala barumsa adda keessa yoo ta'e illee (fakkeenyaaf kutaa, gamoo biroo yookan mana barataatti).

Aanaan mana barumsaa daa'ima kee bara barnootaa tokko keessatti guyyoota walitti aanan 10 oliif iddoo barumsaa isaa yookan ishee kan ammaa irraa yoo baase, jijjiirraa iddoo barumsaa daa'ima keetii ta'ee ni fudhatama.

Aanaan mana barumsaa daa'ima kee haalootа addaatiin (walitti aansuun baasee) bara barnootaa tokko keessatti guyyoota walitti aanan 10 oliif iddoo barumsaa isaa yookan ishee kan ammaa irraa yoo baase, aanichi baasuuwwan kanneen jijjiirraa iddoo barumsaa daa'ima keetii kan hordofsiisan ta'uu ni murteessa. murtii kana gochuuf aanichi rakkoolee armaan gadii hubannoo keessa galchuu qaba:

- Dheerina tokkoon tokkoon yeroo daa'imti keessa ittifamee;
- Waliigala sa'aatii daa'imti keessan ittifamee;
- Fo'amichi hammam kan walitti dhiyaatu; akkasumas
- Amala haalootа kanaan dura daa'imti kee ittiin ittifamee wal bira qabamee yoo ilaalamu wafakkeenya amala isaa yooka ishee.

Daa'imti keessan seeroota mana barumsaa sababa hin eegneef bakka barumsaa daa'ima keessan yoo jijjiirana, keessa deebii murtii irratti ibsa gochuuf aanaan mana barumsaa, warrii fi miseensonni garee IEP walga'uu qabu. Kaayyoon keessa deebii murtii ibsaa amalli daa'ima keessanii sababa qaama miidhamtumma daa'imichaatiin yookan kanneen walitti dhufeenya kallattiis ta'ee al kallattii kan qabu ta'uu isaa murteessuufiidha.



## Kutannoo Agarsiisuu

Sababa adabbiitiin iddoo barumsaa daa'ima keetii osoo hin jijjiiriin duratti aanaan mana barumsaa mirgoota daa'ima keetii eeguuf tarkaanfiiwwan muraasa fudhachuu qaba. Tarkaanfiin tokkoos walgahii keessa deebii kutannoo agarsiisuu a taasisuudha. Walga'iin kun amalli daa'ima keessanii sababa qaama miidhamtumma daa'imichaatiin yookan kanneen walitti dhufeenya kallattiis ta'ee al kallattii kan qabu ta'uu isaa murteessuufiidha. Jecha birootiin, amalli daa'ima keessanii kan umamee sababa qaama miidhamtummaa isaa yookan isheetiin turee? Gareen IEP baratаa amalli daa'ima keessanii sababa qaama miidhamtummaa isaa yookan isheetiin ta'uu fi dhabuu isaa, erga murtiin jijjiirraa iddoo barumsaa kennamee kaasee guyyoota 10 keessati ni murteessa.

### Maaloo Hubadhaa

**Daa'imti keessan akkuma baratаa biroo kamiiyyuu seeraa fi dambiiwwan mana barumsaa egguu fi tajaajilawwan kanneen IEP keessatti ibsaman fudhachuu itti fufuuf garuu bakka tokkootti ramadamu baachuu ni danada'a.**

### Walga'ii keessa deebii Kutannoo Agarsiisuu

Walga'ii keessaa deebii kutannoo agarsiisuu irratti atii fi miseensi garee IEP biroo, IEP daa'ima keetii dabalatee, ilaalachawwan barsiisaa fi odeeffannoo walqabatoo d odeeffannoo barbaachisu kamiiyyuu keessa deebiin ilaaluu qabdu .

Amalli ibsa qaama miidhamtummaa daa'ima keessanii yoo ta'e, guyyaa ittifamtee eegalee daa'imti keessan iddoo isaatti deebii'a, gareen IEP iddoo jijjiiruuf yoo waliigaleen alatti.

Amalli daa'ima keessanii ibsa qaama miidhamtummaa daa'ima keessanii ta'ee yoo argame, gareen IEP kana gochuu qaba:

1. Guyyoota 10 keessatti hanga danda'ametti gamaggama amala hojii irra oolu eegaluu qaba. Gamaggamni amala qabatamaa amala daa'ima keessanii fayyadamuun akka maaltu maal murteessu, naanannoo daa'ima keessanii keessatti maaltu amala sirrii hin taane kakaasaa fi akkasumas amala iddoo kamiituu daa'imti keessan akka bu'aa fi yaada fudhataniif barsiifamu qabaata; akkasumas
2. Gama amalaatiin hojachuuf daa'ima keetiif karoorfachuuf, gamaggamni amala qabatamaahojjechuun yoo xumuramee fi amala kanaan kan wal qabatu ta'uun erga xumuramee eegalaa. (Karoorri gidduu lixummmaa amaloota mana barumsaatiif isrrii hin taanee fi karaalee manni barumsaa wantoota sana hir'isuu itti danda'u kan agarsiisuudha); yookan
3. Karoorri gidduu lixummaa amalaa yoo jiraate karooricha keessa deebiin ilaaluun jijjiiramawwan barbaachisan guyyoota 10 keessatti godhuu.



## Filannoo Qindaa'ina Barumsaa Yeroof (yeroof fi kan adda addaa)

- Murtiin daa'ima keessan filannoo qindaa'ina barumsa yeroo keessa kaa'uu (IAES) taasisuun garee IEP daa'ima keessaniitiin kan raawwatamuudha. IAESn kan yerootti, kan ittiin daa'imti keessan ramaddii adda addaatiin barumsaa addaa itti argatuudha. Guyyaa sababa daa'imti keessan seera mana barumsaa cabseef gareen IEP iddoo daa'ima keessanii gara IAES jijjiiruuf murteessetti, aanaan mana barumsaa waa'ee murticha isin beeksisuu fi qajeelcha mirgoota warraa barumsaa addaa kana isiniif kennuu qaba. Amalli daa'ima keessanii sababa qaama miidhamtummaa daa'ima keessaniitii yoo ta'e iyyuu, aanichi daa'ima keessan guyyoota 45'f gara IAES fudhachuu qaba daa'imti keessan kana yoo qabaate:Qawwee qabatee;
- Qorichawwan mataa hadoochan beekaanii yookan osoo hin beekiinii qabachuu yookan seeraan ala itti fayyadamu yookan wanta dhorkamaa gurguruu yookan bituuf oo yaale (fakkeenyaaf baala mataa hadoochu); yookan
- Miidhaa qaamaa cimaa nama biroo irraa yoo gahe.

Kunneen hundi kan hojii irraa oolan, daa'imti keessan yeroo karaa mana barumsaa dhufu, mana barumsaatti, yookan hojii mana barumsaa irratti amaloota kenneen yoo agarsiise yookan agarsiisteedha.

Amalli daa'ima keessanii kallatumaan sababa qaama miidhamtummaa***daa'ima keessaniitiin yoo hin taane,*** daa'imti keessan hamma yeroo sababa qaaama miidhamtummaa hinqabneen walfakkaatu kan IAES keessa akkaadabamuuf ramadamuu nidanda'a. .

Amalli daa'ima kessanii kallattumaan kan sababa qaama miidhamtummaa ***walqabatuu yookan umamee ta'ee*** e fi daa'imti keessan seerota mana barumsaa kan cabse yoo ta'e. daa'imti keessan gara haala barumsa inni yookan isheen irraa ar'iameetti deebifamuu qabau akka qaama jijjiirraa gidduu lixummaa amalaatti yookan IEP iddoo jijjiiruuf atii fi aanichi mana barumsaa yoo waliigaltaniin alatti.

Garuu aanichi daa'ima keessan haala jiru keessa iddoo barumsa isaa yookan ishee kan ammaa tursiisuun (akkaataa IEP daa'ima keessaniitiin) idaa'ima keessan yookan namoota biroo irratti miidhaa kan geessisuudha jedhee yoo amane, aanaan mana barumsa dhimmicha irrati mari'achuuf walga'ii IEP waamuu ni danda'a. Waa'ee iddoo jijjiiruu atii fi aanichi yoo walii hin galle aanichi adeemsa dhagahaa saffisaa gaafachuu ni danda'a – jecha birootiin adeemsa dhagahaa furmaanni hatattamaa itti kennamu gaafachuu ni danda'a (Adeemsa saffisaa fuula 25 ilaalaa).

Iddoo Barumsaa Jijjiiruuf yookan Argannoo dhagaha keessa deebii murtii Murteessoo irratti yoo Walii Hin galleSababa adabbiitiin iddoo barumsaa ammaa kan daa'ima keessaniit jijjiiruuf murtii godhame falmuuf yookan argannoowwan keessa deebii murtii ibsaa adeemsa falmuuf dhagahaa saffisaa gaafachuu ni dandeeasa . (Odeeffannoo adeemsaa fuula 24 – 25 irra ilaalaa). Yeroo adeemsa dhagahaa saffisaatti ogeessii dhagahaa loogii malee ni murteessa, kunis aanaan mana barumsaa iddoo daa'ima keessanii yoo jijjiiru ulaagaawwan yoo eege yookan amalli daa'ima keessanii ibsa qaama miidhamtumma daa'imakeessanii ta'uu yookan ta'uu dhabuu isaa yoo agarsiise dha. Akkuma olitti ibsame aanaan mana barumsa adeemsa dhagahaa hatattamaa gaafachuu ni danda'a, kunis aanichi daa'ima keessan iddoo jijjiiruu itti fufuun daa'ima keessan yookan namoota biroo akka miidhu yoo amaneedha. (Adeemsa hatattamaa fuula 25 irra ilaalaa).

### Amalli Daa'ima Keessanii Sababa Qaama Miidhamtummaa Shakkameetiif yoo ta'e

- Daa'imti keessan IEP yoo hin qabne, daa;'mti keessan seera mana barumsaa osoo hincabsiin duratti wantiin kunneen yoo ta'an, manni barumsichaa daa'ima keessan akkuma daa'ima biroo qaama miidhamtuu taateetti akka keessumeessu gaafachuu ni dandeessa ta'a:Daa'imti keessan tajaajilawwan barumsa addaa kan barbaachisu ta'uu gaggeessitootaa mana barumsaatiif yookan barsiisaa daa'ima keessaniitiif barreeffamaan himtee jirtan; yookanDaa'ima keessaniif gamaggama gaafattanii jirtu; yookanBarsiisaan daa'ima keessanii yookan miseensi hojjetaa aanaa mana barumsaakeessanii waa'ee amala daa'ima keessanii daayireektara barumsa addaa yookan hojjetaa bulchiinsaa birootti dhimmoota addaa himeera.

Daa'ima kee barumsa addaatiif akka gamaggamu aanichaaf heeyyama kennuu yoo diddee, aanaa mana barumsa keeti daa'ima keessan akka daa'ima qaama miidhamaatti keessuummeessuuf hin eegamuu . Daa'ima keetiif barumsaa adaa fi tajaajilawwan walqabataa yoo diddes yookan daa'imti keessan gamaggamamee gareen daa'imti keessan qaama miidhamtummaa akka hin qabne yoo murteesses akkasuma hin dirqamu. Aanichi daa'ima keessan akkaataa walfakkaataa daa'imman qaama miidhamtoota hin taane kanneen biroo kan gocha walfakkaataa raawwataniitti adabuu ni danda'a.



# Maatiin Daa'imman Qaama Miidhamtoota Bakka tokko qofa gochuu, mana barumsa dhuunfaattin baasii ummataa keessatti

## Kanfaltii Deebiisuu Adeemsa Murtii

Daa'ima keessan mana barumsaa dhuunfaa akka galchuu yoo filattan, aanaa keessan baasii barumsaa yookan barumsa addaa fi tajaajilawwan walqabatan kan mana barumsa dhuunfaa kaffaluu hin qabaatu, sababiin isaas aanichi barumsa ummataa bilisaa (FAPE) aanichaa keessaa daa'ima keessaniif dhiyeesseera. Aanaan keessani daa'ima keessaniif barumsa ummataa bilisaa FAPE dhiyeessuu dadhabee , adeemsa komii dhiyeeffachuu ni dandeessa, kunis dhagahuun adeemsifamee ogeessi dhagahaa loogii malee akkaataa aanichi barumsa ummataa bilisaa FAPE daa'ima keetiif dhiyeesse irratti hundaa'ee murtii itti kennuudha (Odeeffannoo adeemsaa fuula 21 – 27 irra ilaalaa). Ogeessaa dhagahaa loogii maleetiin yoo murteeffame, yeroo aanichi barumsa ummataa bilisaa FAPE itti hin dhiyeessinitti kaffaltii keessan akka isiniif deebi'u (deebi'ee isiniif kaffalamu) baasii daa'ima keessan mana barumsaa dhuunfaa ittiin galchitaniif ogeessii dhagahaa isiniif murteessuu ni danda'a.

### Hir'isa yookan Addabbii Deebiisuun kaffaluu

Haami aanichi sii deebisee kaffaluu qabu tarii hir'achuu ni danda'a yookan kan armaan gadii keessaa kamiiyyuu yoo muudatan kaffaltii deebii beenyaa kaffalchiisuu ni dandeessa:

- Walga'ii IEP waliin goote kan daa'ima keessan mana barumsichaa keessa baasuu keessaniin duratti adeemsifame irratti yaada iddoo jijjiiruu gareen IEP tiin adeemsifamu ati kan hin fudhnne ta'uu kee aanichatti waa'ee yaadoo keetii fi daa'ima kee gara mana barumsa birootti galchuuf akka jirtu isaanitti hin himne; yookan
- Daa'ima kee mana barumsichaa keessaa baasuu keetiin duratti yoo xiqqaate guyyoota hojii 10 keessatti yaada IEP akka hin fudhanne fi daa'ima kee gara mana barumsa birootti galchuuf akka jirtu isaanitti hin himne. Guyyoonni kunneenis guyyootahojii 10 kan guyyoota ayyaanaa Sanbattan irra ooln ni dabalata; yookan
- Daa'ima keessan mana barumsaa keessaa baasuu keetiin duratti aanichi beeksisa barreeffamaa daa'ima kee gamaggamuuf akka ta'e ibsu siif kennee,ati daa'ima kee gamaggamichaaf yoo hin dhiyeessine ta'e; yookan
- Manni murtii ati tarkaanfii itti fudhatte kan fudhatamaa hintaane,

### Eegumsa Kaffaltii Deebiisuu



Kaaffaltiin deebii (hammi deebi'ee siif kaffalamuu qabu) yoo ati kan goote hin hir'ifamu yookan kaffaltiin deebii si hin dhorkatamu:

- Aanichi beeksisa akka hin dhiyeessine yoo si dhorke;
- Aanichi beeksisa dhiyeessuu akka qabdu yoo sitti hin himne; yookan

Beeksisa dhiyeessuun daa'ima kee irratti miidhaa qaamaa kan fiduu danda'u yoo ta'e .Manni murtii yookan ogeessii dhagahaa beeksisa kana kennuu dhabuudhaan baasiin deebi'ee kaffalamu hin hir'isu yookan si hin dhorku; yoo akka kanaa gadii ta'e:

- Ati Afaan Ingiliffaatiin dubbaachuu yookan barreessuu kan hin dandeenye yoo taate; yookan
- Beeksisa dhiyeessuun daa'ima kee irratti miidhaa cimaa kan qaqqabsiisuu danda'u yoo ta'e.

# Beeksisa Maatii Sagantaawwan Iskoolaarshiippii Barattoota qaama miidhamtootaaf

## Yoo Beeksisni Muudate

Tokkoon tokkoon aanaa maana barumsaa gamaggama daa'ima qaama miidhamtummaa xumuretti yookan misooma, keessa deebiin ilaaluu yookan keessa deebi'uu IEP daa'imaa eegaletti, aanichi warra daa'ima keetiitiif wa'eee sagantaa iskoolashiippii/deeggarsa barumsaa Otizimii (harkifannaa guddina sammuu fi qaamaa) fi wa'ee sagantaa iskoolarshiipii/deeggarsa barumsaa Jon Peterson himuu qabu.

### Sagantaa iskoolarshiipii Otizimii

Daa'imti keessan qoodama Otizimii jalatti barumsa addaa fudhachaa kan jirtu yoo taate, sagantaa iskoolarshiippii/deeggarsa barumsaa Otizimiitiif gahaa ta'uu ni dandeessa. Sagantaa kana jalatti daa'ima kee gara sagantaa barumsa addaa isaa aanaa manni barumsaa kee keessa jiru keessatti hojjetamaniin alaa ta'anitti bakka daa'imti keessan barumsaa fi tajaajilawwan IEP isaa yooka ishee keessatti ibsameetti erguuf filachuu ni dandeessa.

Sagantichaaf ulaagaa guutuuf daa'imti kessan ta'uu kan qabaatu:

- Daa'ima Otizimii qabu ta'iuu manni barumsaa aanaa jireenyaa yoo argate;
- Mana barumsaa aanaa jireenyaa irraa IEP ammaa kan ati irratti waliigaltuu fi kan xumurame qabaachu qabda; akkasumas
- Yoo xiqqaate waggaa sadi ta'uu qaba.

Odeeffannoo Sagantaa iskoolarshiipii Otizimii tiif weebsaayitii kutaa barumsaa Ohio education.ohio.gov saanduuqa barbaachaa keessatti ***Sagantaa iskoolarshiipii Otizimii*** jechuun barreessaa yookan imeelii autismscholarship@education.ohio.gov.

### Sagantaa iskoolarshippii/deeggarsa barumsaa Jon Peterson

Daa'imti keessan tajaajialwwan barumsa addaa fudhachaa kan jiru yoo ta'e, sagantaa barbaacha addaa Jon Peterson tiif gahaa ta'uu ni daneessa. Sagantaa kana jalatti daa'ima kee gara sagantaa barumsa addaa isaa aanaa manni barumsaa kee keessa jiru keessatti hojjetamaniin alaa ta'anitti bakka daa'imti keessan barumsaa fi tajaajilawwan IEP isaa yooka ishee keessatti ibsameetti erguuf filachuu ni dandeessa.

Sagantaa iskoolarshippii/deeggarsa barumsaa Jon Peterson tiif gahaa ta'uuf daa'imiti keessa:

- Aanaa manni barumsaa keessa jiruun daa'imti keessan qaama miidhamaa ta'uu isaa beekamuu qaba;
- Mana barumsaa aanaa jireenyaa irraa IEP ammaa kan ati irratti waliigaltuu fi kan xumurame qabaachu qabda; akkasumas
- Hirmaachuudhaaf olmaa daa'immaniitii hanga kutaa 12 tiin barumsa kan baratee ta'uu qabaata.

Odeeffannoo sagantaa iskoolarshippii/deeggarsa barumsaa barbaacha addaa Jon Peterson weebsaayitii Kutaa Barumsaa Ohio education.ohio.gov jedhuu ilaalaa akkasumas ***iskoolarshippii/deeggarsa barumsaa Jon Peterson*** jechuun saanduuqa barbaachaa keessatti barreessaa yookan imeelii peterson.scholarship@education.ohio.goveergaa.

**Odeeffannoo Dabalataa**
Odeeffannoon sagantaawwan iskoolaashiippii weebsayitii Kutaa Barumsaae Ohio kana irratti argama education.ohio.gov.

Sagantaawwan iskoolaashiippii kana irratti odeeffannoo dabalataa yookan gaaffii yoo qabaatte kana qunnamaa: Waajjira Filannoowwan Barumsa Ummataatiin alaa kana irratti (614) 466-5743 yookan kaffaltii irraa bilisaa irratti: (877) 644-6338.

Ohio | Department of Education

education.ohio.gov